



Raayyaa Ittisa Biyyaa aantummaansaa biyyaaf qofa ta'e uumuun danda'ameera

Taammiruu Raggasaatiin

Finfinnee: Ministirri Muummee Ajajaan Waliigalaa Humnoota Waraanaa RFDI

Abiyi Ahmad (PhD) jijjiiramaa as Raayyaa Ittisa Biyyaa aantummaansaa biyyaaf qofa ta'e uumuun danda'ameera jedhan.

Doktar Abiyi haasaa sirna kabajaa Guyyaa Raayyaa Ittisa Biyyaa 116ffaa

dheengadda Finfinnee, Addababa'ii Masqalaatti adeemsifamerratti taasisaniin akka jedhanitti, raayyichi goota seenaa bara dheeraa qabuufi humna nageenyati.

Gara fuula 15tti



“Barataa hundi qormaata nidarba jedhamuu baatus kufaatiin mudate tilmaamaan oli”

- Doktor Nagarii Leencoo

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Barataan qormaata qoramu hundi qormaata ni darba jedhamuu baatus kufaatiin waggoota lamaa as galmaa'aa jiru ibsuufuu akka nama rakkisuu Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatti Walittiqabanaan Koree Dhaabbaabbii Misooma Humna Namaa, Bobbii Hojiifi Dhimnoota Teknolojii Doktor Nagarii Leencoo ibsan.

Dhaabbatni Piresii Itoophiyaa garmalee gad bu'uun qabxii qormaata kutaa 12ffaa baranaa dhiibbaa inni waliigalaan biyyarratti, addatti ammoo barsiisota yuunivarsiitiiratti dhaqqabsiisuu malu

Gara fuula 15tti



Hirmaattota waltajjichaa

Raawwiin hojii paartiifi mootummaa naannoo Oromiyaa qoratamaa jira

Taammiruu Raggasaatiin

Adaamaa: Qorannaan raawwii hojii kurmaana 1ffaa Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaafi Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa kaleessarraa jalqabee magaalaa Adaamaatti adeemsifamaa jira.

Pirezdaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa haasaa baniinsaa waltajjicharratti taasisaniin akka jedhanitti, rakkoolee mana hojii mootummaafi paartii keessatti kanaan dura danqaa ummataafi kenniinsa tajaajilaa ta'anii adda baafaman hangam hiikamaa

Gara fuula 4tti



Obbo Shimallis Abdiisaa



“Filannoon qabnu walkabajuufi walsimachuun waliin jiraachuu qofa”

- Ministira Mummee Abiyi Ahmad (PhD)

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Filannoo Itoophiyaanotni qaban enyummaa walii kabajuufi walsimachuun waliin jiraachuu qofa ta'uu Ministirri Muummee Doktor Abiyi Ahmad hubachiisan.

Doktar Abiyi kana kan hubachiisan leenjii hoggansaa Paartii Badhaadhinaa mataduree, “Idaarraa gara miindaatti” jedhuun kennamaa turerratti yoo ta'u, Itoophiyaan dhalootni ijaaraa jiru seenessa qeenxeerraa gara seenessa guddaa/walootti ce'uu qabdi jedhan.

Kaleessas ta'e har'a bu'uura Itoophiyaaf qoodni saboota hundaa olaanaadha. Ta'us seenessi daandii gad lakkisuun walshakkiifi

Gara fuula 4tti

ODUU

Oromiyaatti sochiin lammiilee qe'eesaaniirraa buqqa'an deebisanii dhaabuu eegalame

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Lammiilee Oromoofi Amaaraa godinaalee Oromiyaa tokko tokko keessaa rakkoo nageenyaatiin buqqa'an qe'eesaaniitti deebisuuf sochiin eegalamuu Biiron Kominikeeshinii Oromiyaa beeksise.

Hogganaan biirichaa Obbo Hayiluu Addunyaa waltajjii waloo anga'otni naannolee Oromiyaafi Amaaraa Kibxata darbe magaalaa Bahaar Daaritti taa'ame ilaalchisee Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, buqqaatota deebisanii dhaabuuf marii bal'aan booda koree waloo olaanaa dhimma kana raawwachiisu hundessuurratti waliigalameera.

Akka isaan jedhanitti, buqqaatiin Oromiyaa keessatti dhaqqabe humna Shaneefi Finxaaleyyii Faannootiini. Ummatni Amaaraa buqqa'ee deeme humna Shanaan yommuu ta'u, Horroo Guduruu Wallaggaatti ammoo ummatni Oromoo humna Finxaaleyyii Faannootiin qe'ee fi qabeenyasaarraa buqqa'eera.

Bu'uuruma kanaan koreen waloo hundaa'u kun hunda dursee ragaa namootaa naannoo Oromiyaarraa buqqa'anii gara naannoo Amaaraa deeman kan qulqulleessuu ta'uu himanii, haaluma kanaan ragaan buqqaatoota kunneen godina, aanaafi ganda kamirraa akka buqqa'aniifi hojii irratti bobba'anii turan adda baasuun tarkaanfii ittaanutti kan galamu ta'uu ibsaniiru. Qonnaan bulaa taanaan ragaan qabiyyee lafasaafi naga'een galii gibiraas akka ilaalamu himaniiru.

Ragaa qulqulleessuun waa lamaaf fayyada kan jedhan Obbo Hayiluu, inni duraa namoota maqaa buqqa'aan daldalaniifi buqqa'aa isa dhugaa adda baasuuf kan gargaaru yommuu ta'u, inni biroo ammoo shira daldalootni siyaasaa galtee siyaasaaf jecha namootni qe'eesaaniirra buqqa'an kunneen akka qe'eesaaniitti hindeebineef



Obbo Hayiluu Addunyaa

xaxaa jiran fashaleessuuf ta'uus dubbataniiru.

Hojiin deebisanii dhaabuu kun al tokkotti kan raawwatamu akka hintaane himanii, ragaa qulqullaa'ee bu'uureeffachuun dursa godinaalee nageenya fooyya'ee qabanitti deebisanii dhaabuun godinaalee rakkoon nageenyaa jirurratti ammoo hojiin nageenya tasgabbeessuu waloon kan hojjetamu ta'uu ibsaniiru.

Daldaloota siyaasaatu buqqaatiif sababa ta'e malee ummatni Oromoofi Amaaraa ummattoota waliin jireenyaafi walitti dhufeenya baroota dheeraa qabaniidha kan jedhan Obbo Hayiluu, ummata naannoo Oromiyaarraa buqqa'ee deebisee dhaabuun adda durummaansaa kan mootummaa naannoo Oromiyaafi ummata Oromoo bal'aa ta'uu jala sararaniiru.

Hojii deebisanii dhaabuu kanaaf qabeenyi barbaachisu hirmaannaa naannolee lameen cinatti deeggarsi dhaabbilee mootummaafi mitmootummaa, hawaasa biyya keessaafi kan idiladdunyaa kan qindaa'uu ta'uu ibsaniiru, farreen nageenyaa buqqaatiif sababa ta'anirratti tarkaanfii waloo fudhachuuf waliigaluu Obbo Hayiluu hubachiisaniiru.

Ummatni tajaajila geejibaarratti mirgasaa kabachiifachuu qaba

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Rakkoo tajaajila geejibaa madda komii hamaa ta'e maqsuurratti ummatni mirgasaa kabachiifachuu akka qabu Ejensiin Geejiba Oromiyaa ibse.

Daarektarii Olaanaan Ejensichaa Obbo Jamaal Kadir Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, tajaajila geejibaarratti komii bal'aan kan jiru yoo ta'u, komiin kun wayita dimshaashatti ilaalamu rakkoo hojjetootni geejibaa uumaniifi ummatni mirgasaa kabachiifachuu dhabuurraa madda.

Ejensichi rakkoo taarifaafi tajaajila geejibaan walqabatu maqsuuf buufataalee konkolaataa hedduu keessatti teknolojiitti fayyadamuun tikeetni muramaa jira jedhanii, haa ta'u malee, hojjetoonni sirna kanatti of madaqsuu dhiisanii rakkoo uuman jiraachuun adda ba'ee tarkaanfii seeraa eegalamuu dubbataniiru.

Osoo tikeetiin buufata konkolaataa keessatti taarifa mootummaan baaseen muramaa jiruu faddaaltoota hirmaachisuun gatiin tikeetaa dachaan gurguramaa akka jiru qaba qabaachuu himanii, erga taarifa idileen ummata fe'anii ba'aniis sababa uumuun daandii gubbaatti gatii kan dabalchiisan jiraachuus eeraniiru.

Imaltoonni muraasni tikeeta faddaaltonni gatii dachaan gurguraniifi konkolaachistoota daandii gubbaatti sababa uumanii gatii dabalchiisan gabatee konkolaataafi ragaalee biroo ejensiisaaniif dhiyeessuun adabsiisan jiraachuu kan himan daarektarii kun, faallaa kanaan imaltoonni yakka raawwataman tumsuun warra mirgasaanii kabachiifatan lolaniilee jiraachuu ibsaniiru.

Akka ibsa Obbo Jamaalitti, dursa



Obbo Jamaal Kadir

golasaanii qulqulleessuuf hojii bal'aa hojjechuuf karoofachuufi hojjetaas ta'e hoggansa hannaaf karra saaquurratti araarama tokko malee tarkaanfii fudhachuun cinatti konkolaachistoota rakkoo uuman seera qabsiisuuf ummatni odeeffannoo gahaa dhiyeessuun akka isaan tumsu gaafataniiru. Faddaaltoota hojii hinqabneefi qulqulleessitoota kophee dhokatanii tikeeta daldalan kan buufata konkolaataa keessatti rakkoo uumaa jiranirratti hojiin bal'aan akka hojjetamu hubachiisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, hattuu guyyaa guyyaan ari'uu qofaan rakkoo furuun hindanda'amu. Kanaafuu, tajaajila si'ataafi komiirraa bilisa ta'ee kennuuf sirni tikeetaa teknolojiin deeggarama bakkawwan hundatti hojiirra oolchuudha. Hojjetaan ejensichaa gaaraa hanga godaatti haqaan ummata tajaajiluuf of qopheessuu qaba.

Ummatni taarifa murtaa'een ala kaffaluu dhiisuufi yakkoota tajaajilaa danqan saaxiluun akka tumsu, caasaan ejensichaa hundis hojjetoota tajaajila komuurraayyuu bilisa ta'ee kennuun fakkeenya ta'an akka hordofan dhaamaniiru.

Godina Qellem Wallaggaatti deeggarsi namoota buqqa'aniif taasifamaa jiru gahaa miti jedhame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Godina Qellem Wallaggaatti deeggarsi namoota sababa rakkoo nageenyaatiin qe'eesaaniirraa buqqa'anii rakkoo keessa jiraniif taasifamaa jiru gahaa akka hintaane Waajjirri Buusaa Gonofaa damee godinichaa beeksise.

Bakka bu'aa ittigaafatamaa waajjirichaa Obbo Tashaalaa Tarrafaa ibsa dheengadda addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, waggoota afran darbanitti aanaalee godinichaa lamarraa kan hafe aanaalee hunda keessatti lammiileen sababa rakkoo nageenyaatiin qe'eesaaniirraa buqqa'aniiru.

Baay'inni namoota buqqa'aniis kuma 65 ol akka ta'e eeruun, namoota buqqa'an kanneeniif mootummaan, dhaabbileen mitmootummaa, abbootiin qabeenyaafi namootni dhuunfaa hanga ammaatti deeggarsa qorichaa, miidhaan dheedhii, daakuu, zayitaafi nyaata daa'immanii taasiasa turaniiru.



Lammiilee deeggarsa barbaadan

Yeroo ammaa namootni buqqa'an kunneen gariinsaanii qe'eesaaniitti deebi'aniiru, gariinsaanii ammoo firasaanii biratti hirkattummaan jiraachaa kan jiran yoommuu ta'u, namootni kuma lamaafi 17 immoo aanaa godinichaa, Gaawoo Qeebbeetti buufata buqqaatoota keessa jiraachaa akka jiran himaniiru.

Akka isaan jedhanitti, namoonni kuma 20fi 871, bara 2002 sababa balaa kirkira lafaatiin godinaalee Harargeerraa



Deeggarsa namoomaa buqqaatotaaf taasifamaa jiru

godinicha qubsiifamanis deeggarsa hatattamaa barbaadu. Lammiilee kanneeniif deeggarsi daakuun qamadii kuntaalli 3,000 akkasumas namoota sababa rakkoo nageenyaatiin buqqa'aniif qamadii kuntaalli kuma lamaafi 150 qoodameera. Deeggarsi taasifamaa jiru baay'ina namoota deeggarsa barbaadaniin waliin kan walgitu miti.

Dhaabbileen akka Dhaabbata Misooma

Walaliifi Yuuniseef deeggarsa taasisuuf waajjiricharraa ragaa namoota deeggarsa barbaadaniin fudhatanii qophii taasiasa jiraachuu himaniiru.

Yeroo ammaa mankuusa keessa midhaan deeggarsaaf oolu kan hinjirre ta'uus himanii, dhaabbileen arjoomtota godinichatti namoota deeggarsa namoomaa barbaadan deeggaruuf harkasaanii akka diriirsaniif gaafataniiru

Ijoo Dubbii

Raayyaa qormaata hunda keessatti injifatu

“Raayyaa Ittisaa qabatamaan qorameefi Afrikaan ittiin boontu ijaarreeera, raayyaan bara baraan aarsaa kan kafalu, nageenya argame cimsuufi kan dhabame deebisuuf, biyyi keenya fayyadama walootiif biyyoota ollaa waliin nihojjetti, riifoormii hojjetameen raayyaan muuxannoo waraanaafi teeknikii cimee ijaarameera.

Raayyaan gootummaa dirree waraanaarratti galmeessisuutti dabalee ergama nagaa eegsisuutiin ambaasaaddarummaasaa mirkaneeesseera, raayyaan Itoophiyaa waggaa 116 guute bu’uura cimaa waan qabuuf biyyasaas seenaasaa ni utuba, Itoophiyaan eenyuyyuu weerartee hinbeektu fedhii weeraraas hinqabdu, Itoophiyaan fedhiis ta’e misooma weeraraan milkeessitu hinqabdu.

Raayyaan ittisaa nageenya buusuuf kan dhama’u, nageenya qabnu itichuuf kan hojjetu, birmadummaaf aarsaa kan kafalu waardiyyaa biyyaa ittiin boonnuudha, hiriirriifi hidhannoon ittisaa lafarratti qofa osoo hintaane galaanaafi qilleensarratti kan gurmaa’eeffid hidhate taasifameera.

Biyyi keenya weerartootaan mo’amtee hinbeektu, waraanaan mo’atamnees jilbeeffannees hinbeeknu, seenaan keenya kan agarsiisu mo’achuu, jilbeenfachiisuudha, raayyaan ittisaa keenya seenaa kan beekuufi kabachiisu waan ta’eef goota galateeffamuu qabuudha” jedhan Ajajaan Waliigalaa Humnoota Waraanaafi Ministirri Muummee RFDI, Abiyyi Ahmad (PhD) haasaa sirna Kabaja Guyyaa Raayyaa Ittisaa Biyyaa 116faa dheengadda mataduree “Raayyaa injifataa qormaata hunda keessatti cimee dhaabatu” jedhuun adeemsifamerratti.

Dhugaadha, Raayyaan Ittisaa Biyyaa imalasaa dheeraa kana keessatti biyya tiksuu malee biyyasaarratti rakkoo raawwatee hinbeeku. Itoophiyaan seenaashee keessatti takkaa biyya kamuu weerartee hinbeektu, gara fuula duraattis hinguutu. Raayyichi seenaa ergama nagaa eegsisuu biyya keessatti, Afrikaafi Kooriyaatti raawwate eeggachaa gara fuula duraattis ergamoota biroorratti hirmaachuuf ciminaan ni hojjeta.

Guyyaa Raayyaa Ittisaa Biyyaa Itoophiyaan gaafa biyyattiitti Ministeerri Waraanaa ittihundaa’e, bara 1900 ka’umsa taasifatee kabajamaa jiru kun raayyichi qormaata biyya mudate hunda injifannoon keessa darbaa dhufe waan ta’eef guyyichi seenaa guddaa qaba.

Raayyichi yeroo diinonni Itoophiyaa itti ka’anitti ummatasaa wajjin ta’uun birmadummaa Itoophiyaa gootummaadhaan dhugoomsee nageenya biyyaafi ummatasaa eeguudhaan waggaa dheeraa kan lakkoofsiseedha.

Guyyicha dahachuun gootota biyyasaanii eeguuf aarsaa ta’an ni kabajamu; waadaasaanii eeguufi dhaloota ittaanutti dabarsuuf kakuun nihaareffama; cimnoota caalaatti cimsaa hanqinoota maqsa fuulduratti tarkaanfachuuf bu’uurri nikaa’ama.

Itoophiyaan waraanaashii kan qopheeffatuuf ummatashii eeguuf waan ta’eef kanarratti ummanni ammas ilmaansaa gaachanaafi dahannoo amansiisaa ta’e kana maddii hiriiruun gumaachasaa cimsee ittifufuu qaba.

Loltummaan ogummaa kabajamaa aarsaa dhiigaafi lafeetiin biyya itichuuti. Loltuu waa’ee nageenya biyyaafi kabajamuu tokkummaa bulchiinsaatiif lubbuusaa marartuu gabbaruuf guyyuu ulfina kennuun daran murteessaadha.

Akeekni ijoon Raayyaa Ittisaa Itoophiyaa birmadummaa biyyaa kabachiisuu waan ta’eef raayyichi kaayyoosaa kana akka sirnaan bahatuuf keessumaa biyya keessatti hojmanee isaan hinmalleen akka hinqabamneef hawaasni humnoota nageenyaa kaan wajjin nageenyaa mirkaneeessaa jaalalaafi kabaja raayyaasaatiif qabu gochaan agarsiisuu qaba.

Murnoota maqaa ummataa rarraafatani nageenya booressuuf munyuuqan dhabamsiisuunis raayyichi hojmanee mana keessaa bahee qooda hojjiisaa kan ta’e daangaafi birmadummaa biyyaa kabachiisuurratti akka xiyyeeffatuuf hawaasni karaa qindaa’een socho’uun daran murteessaadha.

Raayyaa biyya malee sabummaa hinqabne, dahannoo birmadummaa biyyaa isa dhumaa ta’eeff caaseffamasatiin saboota, sablammootaafi ummatoota biyyattii hundarraa ijaarameefi humna lafoo, humna qilleensaa, humna galaanaafi kkfn gurmaa’e kanaaf bakkaafi yeroo kamittuu ulfina maluuf kennuufiinis cimee ittifufuu qaba.

Yaada

Waadaa keenya ni haaromsina

- Waajjira Pirojektii Qindeessaa Hirmaannaa Ummataa Hidha Haaromsa Guddichaa Naannoo Oromiyaa

Kutaa Qophiitiin

Biyyi keenya Itoophiyaan otoo humna namaafi qabeenya uumamaa ga’aa ta’e qabduu badiifi hanqina sirnoonni darban uumaa turaniifi shira biyyoonni alaa kallattiilee adda addaatiin irratti raawwataniin qabeenya uumamaa qabdutti sirnaan fayyadamuu dadhabdee deegaafi gadaaduu keessa baroota dheeraaf jiraattetti.

Biyyi keenya dhiibbaa biyyoota gara garaatiin irratti geggeeffamaa ture qolachuun birmadummaashee tikfattee as geesseetti. Hiyyummaan diinashee isa hangafa ta’uu hubachuun furmaatni rakkoo kanaa inni duraa qabeenya uumamaa qabdu misoomsuun ittifayyadamuun dirqama waan ta’eef ijaarsa pirojektii Hidha Haaromsa Guddichaa waggoota 12 dura jalqabuu dandeesseetti.

Hirmaannaa ummataafi mootummaan pirojektii guddicha Itoophiyaa kana ji’a Bitootessaa bara 2003 eegalamee waggoota shan keessaatti xumuruuf yaadamee waliigalteen dhaabbata ijaarsaa Saaliinii waliin kan taasifame yoo ta’u, humni jijjiramaan dura aangoo irra ture dhaabbanni mootummaa ‘METEC’ jedhamaa ture akka hojicha keessa galu gochuusaatiin hojmaati badaan diriiree ijaarsi pirojektichaa yeroo itti xumuramuu malurraa waggoota dheeraa duubatti akka harkifatu ta’eera. ‘METEC’ ijaarsa pirojektii ummataa kana keessa galee saamichaafi qisaasamni mallaqaafi yeroo akka irratti raawwatamu taasiseera. Ji’a Bitootessaa bara 2010 gara aangooti kan dhufe mootummaan humna jijjiramaatiin hogganamu guyyuma muudama ministira muummee haasaa paarlamaaf taasifameen qisaasama pirojekticharra gaheef tarkaanfii fudhachuun abdi kutannaa ummata keenya biratti uumameef fala akka kennu waadaa galuun hojiitti seene.

Mootummaan jijjiramaa erga rakkoon jiru maal akka ta’e, akkamitti akka uumame, haala kamiin furamuu akka danda’u qoratee hubatee booda tarkaanfii fudhateen waliigaltee ‘METEC’ Korporeeshinii Humna Elektirikii Itoophiyaa waliin mallatteessee ture addaan kutuun kaampaaniwwan ijaarsaa biyyoota alaa sadarkaa idiladdunyaatti beekamanitti dabarfamee akka kennamu taasifameera.

Pirojekticha abbummaan akka hogganu ‘METEC’f kan kennee ture haqamee gara Korporeeshinii Humna Elektirikii Itoophiyaatti akka naanna’u taasifameera. Kana malees murtii addaa kenneen humni muuxannoofi gahumsa qabu gara hoggansaatti dhufee pirojektichi saffisaan akka hojjetamu taasifameera.

Hojmaata ijaarsa pirojektichaa wajjin walqabatu fooyyessuuf hoggansi Paartii Badhaadhinaa sadarkaan jiru, Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD)fi mootummaan isaaniin hogganamu halkanii guyyaa nuffi malee waan hojjeteeff ijaarsi pirojektii hidha haaromsa guddichaa sadarkaa kuferraa ka’uun lubbuu horatee ittifufuu danda’eera.

Mootummaan paartii Badhaadhinaan hogganamu pirojektii qabeenya lammilee biyyattii ta’e kana du’arraa kan baraare hojmaata bulchiinsaafi ijaarsasaa fooyyessuu qofaan hinturre. Ijaarsi pirojektichaa akka hinmilkoofneef dhiibbaa biyyoonni alaa gara garaa gochaa turan qolachuurratti hojii bal’aa hojjetee. Mootummaan rakkoo walxaxaa ture furuun ijaarsa pirojektichaa %93 irraan gahuun bishaan marsaa 4ffaaf karaa milkaa’ina qabuun guutuun danda’ameera.

Deggarsaafi liqqi biyya alaa tokko malee humna, beekumsaafi qabeenya lammileetiin pirojektii guddicha sadarkaa addunyaatti beekamu ijaaruu keenya imala badhaadhina Itoophiyaa daran kan



Aadda Qonjiit Baqqalaa

saffiisuu ta’uu bira darbee mallattoo tokkummaafi injifannoo keenya Aduwaa 2faa gootummaan keenya ittiin ifuu ta’eera.

Pirojektii Hidha Haaromsaa Guddichi Itoophiyaa tokkummaa saboota, sablammootaafi ummatoota Itoophiyaafi sirna federaalliizimii sabdaneessaa kan walitti hidhu mallattoo tokkummaa keenyaa ta’uu qabatamaan agarsiiseera.

Ummanni naannoo Oromiyaa milkaa’ina ijaarsa pirojektii hidha haaromsaa guddichaa kanaaf yeroo eegalamee kaasee gama hundaan hirmaannaa guddaa hundagaleessa ta’e gumaacheera. Innis bittaa boondii, arjooma, ‘SMS 8100A’fi kunuunsa qabeenya misooma sululaa Hidha Haaromsa Guddichaa keessatti hirmaannaa guddaa gochaa tureera, gochaas jira.

Bara 2015 ijaarsa pirojektii hidha haaromsaa kana milkeessuuf karoora sassabii galii deggarsaa akka naannoo Oromiyaatti qabame milkeessuuf gurgurtaa boondii, arjoomaafi ‘SMS 8100A’ dhaan qarshiin biliyoona 1,859,406,050 sassaabuun danda’ameera.

Gama biraatiin pirojektii hidha haaromsaa guddichaa kun umurii dheeraa akka qabaatu, akka biyyoodhaan hinguutameef, laggeewwan guguddoo Oromiyaa keessaa gara hidha haaromsaatti yaa’an akka hinhir’anne hojiin misooma sululaa hidha haaromsaa akka naannichaatti bara baraan hojjetamaa tureera.

Hojiin kun ittuma fufuun bara 2015 lafa hektaara miliyoona 3, kuma 185fi 331 irratti akka hojjetamu ta’eera. Hojicha milkeessuuf ummanni naannoo keenyaa dhiiraafi dubartiin miliyoona 9, kuma 369fi 719 kan hirmaatan yoo ta’u, humni namaa kunis qarshiitti yeroo shallagamu biliyoona 8, miliyoona 885fi kuma 142,119 tilmaameera.

Ummanni naannoo keenyaa ijaarsas ta’e birmadummaa biyyattii kabachiisuu keessatti akkuma kalleessa adda durummaan hirmaachaa ture ijaarsa pirojektichaa keessatti maallaqa, humna, beekumsaafi hooggansa kennuu irraa eegalee gumaachi inni bahachaa ture sadarkaa olaanaatti kan ilaalamudha. kutannoon mootummaan keenyaafi lammileen biyya keessaafi alaa agarsiise walitti ida’amee injifannoo hanga ammaatti ijaarsa pirojektii kanaa irratti gonfanneef bu’uuraa ta’eera. Milkaa’inoonni hanga ammaatti argaman biyya keenyaafi injifannoo olaanaa yoo ta’an, biyyoota Afrikaaf immoo muuxannoo guddaadha. Injifannoo hanga ammaatti arganne tikfachaa ijaarsa pirojektii kanaa xumursiisuun murteessaa ta’a.

Ummanni naannoo keenyaas akkuma kanaan dura egealetti waadaasaa haarsuun bittaa boondii, arjoomaa, ‘SMS’ 8100Afi kunuunsa qabeenya misooma sululaa Hidha Haaromsa Guddichaa keessatti ciminaan gaheesaa akka bahu waamicha keenya dhiheessina!

Aadda Qonjiit Baqqalaa

Daarektara Olaantuu Waajjira Pirojektii Qindeessaa Hirmaannaa Ummataa Hidha Haaromsa Guddichaa Naannoo Oromiyaa



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa’e.
Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa
Natsaannat Taaddasaa
Bayyanaa Ibraahim
Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

Aadde Adaanach Abeebie Joorjiyaarraa doktireetiifi lammummaa kabajaa argatan

Kantiibaan Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanach Abeebie Yuunivarsitii Idiladdunyaa Ambaasaaddarsi Tiriiniitii Filooriidaarraa Doktareetii kabajaafi bulchiinsa Joorjiyaarraa badhaasa kabajaa lammummaa Joorjiyaa argatan.

Bakka bu'aan ummataa Bulchiinsa Joorjiyaa Rippabliikaan Biilii Michel, "Doktar Adaanach of kennitee ummatashee tajaajiluun, gaggeessummaa addaa kennuun, anga'oota addunyaa maraaf fakkeenya taateetti. Gumaachasaanii kanaafis akka bulchiinsa Joorjiyaafi sanaan olitti beekamtii kennuun nuu kabaja" jedhan.

Rippabliikaaniin sirnicharratti argaman biroon Deweyi Makilayin gamasaaniin "Jijjiiramni Doktor Adaanach agarsiiste,

tokkummaa ummata Itoophiyaa ceessisu calaqqisiisuun tajaajilli ummataaf kennite egeree ifaaf karaa saaqeera, hoggansa hojii fakkeenyummaa qabu mul'isteedha" jedhan.

Seenaatarri Gayil Deebenpoorti ammoo "Kabajamoo Doktor Adaanach fooyya'iinsa jireenya lammiileef hirmaachisummaanshees bu'aa qabatamaa argamsiiseera, guutummaa Itoophiyaattis kaka'umsa uumteetti" jechuun ibsan.

Kantiibaa Adaanachis doktireetiifi lammummaa kabajaa torbanuma kana keessa kennameeffitti akkasumas simannaa taasifameeffitti daran kan gammadan ta'uu ibsaniiru.



"Furmaatni rakkoo Itoophiyaa harkuma ummata biyyattii jira"

- Obbo Abaataa Kishoo

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Walamantaafi kutannoon jiraannaan furmaatni rakkoo Itoophiyaa harkuma ummata biyyattii jiraachuu pirezidaantiin duraanii Naannoo Ummatoota Kibbaa Obbo Abaataa Kishoo ibsan.

Obbo Abaataa ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, bakka aadaan jaarsummaa dinqisiisaan, abbootiin Gadaa, abbootiin amantaafi jaarsoliin biyyaa jiranitti gatiin biyyi sababa walitti bu'iinsaatiin kaffalaa jirtu dhaabbachuu qaba. Gaaga'ama waraanaa Itoophiyaanota caalaa kan hubate waan hinjirreef hanga guddinni biyyaa waraanaa Itiyoo-Eertiraafi tibbana Itoophiyaa kaabaatti taasifameen boodatti hafaa jiru hubatamuu qaba.

Waraanota kanneeniin wareegama lubbuu



humna omishaa kumaatamaafi mancaatii qabeenyaa miliyoonotaa hedduutti gaabbuun karaa nagaatti deebi'uu qabnas jedhan.

Yeroo ammaa yeroo kamuurra carraan waliin dubbachuu osoo jiruu albee walitti qarachuun maaliif akka barbaachise namuu

ittiyaaduu qaba jedhanii; sirna waliin mariifi aadaa walhabbiif furuu sabootni Itoophiyaa barootaaf ittifayyadamaa turan kutannoofi walhubannoon hojiitti hiikuun barbaachisaa ta'uus dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, baay'achuun paartiilee siyaasaa calaqqee sirna dimokiraasii ta'us haala qabatamaa amma jiruun garuu baay'achuun paartiilee sirna diimokraasii dagaagsuurra madda walhabbiif ta'eera. Ummatni paartiilee madda walhabbiif sababa ta'an lagachuun ala adaba qabsiisuu qaba. Kan jeequmsaan hubamaa jiru biyya waan ta'eef paartiilee gandummaafi sabummaadhaan daldalan ilaalcha biyyummaatiin qolachuuf ija jabaachuun barbaachisaadha.

Nageenyi waaraan hinjiru taanaan misoomni hinjiru, misoomni hinjiru taanaan paartiin kamuu gaaffii ummataa deebisuu hindanda'u. Hiyyummaafi qaala'iinsa gatii injifachuuf

tasgabbiidhaan hojjechuun barbaachisaadha. Kana ta'uu baannaan akka biyyaatti ittifufuun shakkisiisaadha jedhan.

Rakkoo kana hundeerara maqsuuf mootummaan jiru kutannoo nageenyaaf qabuun Komishinii Marii Biyyaalessaa hundeesuunsaa waan abdi namatti horuudha kan jedhan Obbo Abaataa; isaanis gorsitoota boordii komishinichaa keessaa nama tokko ta'uu eeraniiru. Murnoonni seeraan ala hidhatanii socho'aa jiran osoo hinhafin mariin hundagaleessaa nageenya waraa fidu akka taasifamu qoodasaanii ba'aa jiraachuus ibsaniiru.

Keessattuu mariin Shanee waliin eegalamee ture abdi nageenya horee turuus yaadachiisanii; gufachuusaatiif ibsi ga'an gama lachuuuu kennamuu baatus mariin akkasii marii biyyaalessaa yaadameef humna waan ta'eef ittifufuu qabas jedhaniiru.

Raawwiin hojii paartiifi...

akka jiranirratti mariin bal'inaan ni taasifama.

Dhimmootni akka qusannaa, intarpirinarshippiifi sirni daldalaa kanaan dura dhimmoota rakkoleen marfaman jedhamanii adda baafamaniidha jedhanii, dhimmoota kanneen furuuf kallattii sirreessuun danda'amurratti bal'inaan mari'atamuu akka qabus dubbataniiru.

Pirezdaantii Ittaanaan naannichaa Obbo Awwaluu Abdii gamasaaniitiin akka jedhanitti, naannichi karoora xiiqii baafatee hojjechaa jira. Karoorri xiiqii ammoo karoora hiixataafi ariitii barbaadudha. Ta'us seektaroonni mootummaafi bulchiinsaa sadarkaa sadarkaadhaan jiran gandaa kaasee hanga naannooti xiqqeesanii karoorruu mul'ata.

Karoorri xiiqii kun karaa guutuu ta'een qaamolee hunda bira gahuusaa mirkaneeffachuunis barbaachisaadha jedhanii; hojjetootaafi hoggantoota mootummaa keessaa dhibbantaan 56 qofti karoora akka qaban ibsaniiru.

Hanqinoota jiran hunda keessaa aadaa qusannaa dhabuun kufaatii dinagdeefi gaaga'ama siyaasaa akka sabaatti nutti fiduu danda'a kan jedhan Obbo Awwaluu; aadaa qusannaa akka sabaatti dhabuurraan kan ka'e Warshaa Keenyaa hundeesuuf

waggaa torba fudhachuu yaadachiisanii.

Daldalli seeraan alaas balaa dinagdee naannichatti, loon Oromiyaatti maaliyaa biyya biraa uwwisuun bu'aa irraa argachaa kan jiru naannicha osoo hintaane qaamota biroo ta'uu himanii; hojii hojjetamu ariitii, baay'ina, qulqullinafi kalaqaan hojjechuun, qusannaafi liqii deebisuun, hannaafi malaammaltummaarratti gara kuteenyaan qabsaa'uun kallattii gara fuulduraa ta'uus jala sararaniiru.

Saganticharratti raawwii mootummaa naannichaa kan dhiyeessan Komishinara Komishinii Misoomaafi Karoorra Oromiyaa Doktor Abdulaziz Daawuud gamasaaniitiin akka jedhanitti, karoorri xiiqii falaasama lama kan akka "Osoo qabnuu Maalif?" fi "Osoo dandeenyuu akka dadhabaatti Maalif?" jedhanirraa akka madduufi potenshaala naannichaa ilaalcha keessa kan galche akka ta'es dubbataniiru.

Naannichatti wabii miidhaan nyaataa mirkaneessuuf inisheetiviiwwan garaagaraa bocuun hojiitti galameera kan jedhan komishinarichi, gama innisheetivii miidhaan dheedhii oomishuutiin raawwii olaanaa galmeessisuun danda'ameera jedhan. Gama bulchiinsa lafaatiinis keessattuu Magaalaa Shaggaritti raawwii olaanaa galmeessisuun danda'amuu ibsaniiru.

"Filannoon qabnu..."

walqoodiinsaaf karra saaqeera. Biyyis maraammartoo jeequmsaa keessa akka turtuuf ka'umsa ta'eera jechuunis ibsan.

Kana booda eenyummaa sabootaa dhiitani bituun tasumaa hin yaadamu jedhanii; inumaayyuu gochi sirriifi qajeelaan tokkummaafi obbolummaa jabeessuu ta'uu dubbataniiru.

Itoophiyaan ummattootashaa hunda fakkaachuun dirqama jedhanii; biyya daddaaqama siyaasaa keessaa ba'uun rogawwan maraan fakkeenya taatu ijaaruuf malli tokkichi eenyummaa, aadaafi amantaa walii hubatanii walkabajuun waliin jiraachuu ta'uu hubachiisanii. Abjuun eenyummaa isa tokkoo sarbuun eenyummaa biroo goobansuuf abjootamu hokkara uumuura darbee yoomuu kan hinmilkoofnedhas jedhan.

Seenessi ofittummaafi sabummaa tokko samiitti olkaasee kaan dacheetti dabaluu danqaa guddina biyyaafi jireenya walooti kan jedhan Doktor Abiyyi; dhaloota eenyummaasaa ganee baandaa ta'uu osoo hintaane dhaloota

eenyummaasaa simatee kan warra kaaniis keessummeessu horachuun dhimma yeroon gaafatu ta'uu dubbataniiru. Dhaloota eenyummaasaa gonfatee jaalalaafi ilaalcha biyyaalessaa qabu horachuun dhimma ijoo biroo ta'uus himaniiru.

Itoophiyaa bara 2018tti abdiirraa gara ifa qabatamaatti ceessisuuf hojjetamaa jira. Iidaan isheera jirus dachaan gad bu'a. Qamadii alatti erguu qofa osoo hintaane gabaan biyya keessaa haalaan akka tasgabbaa'u ta'as jedhan.

Bara 2023tti Itoophiyaan misooma qonnaatiin, ashaaraa magariisaan, misooma magaalaa Afrikaa keessa akka fakkeenyaatti akka caqasamuuf xiyyeeffannaan hojjetamaa jiraachuu himanii; ilaalchi sabummaa gara biyyaalessummaatti akkasuma seenessi qeenxee gara walooti akka guddatus ibsaniiru. Finfinneen bareedinaan magaalota Afrikaa miidhagoo keessaa tokko ni taatis jedhanii; kana milkeessuufis sektaroota miidiyaafi barnootaarratti xiyyeeffanna addaatiin kan hojjetamu ta'uu eeraniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Onkoloolessa 17 Bara 2016

**Bishooftuutti
dargaggoota horsiisa
lukkuu ammayyaawaa
akka dhugoomuuf
carraaqaa jiran**

fuula **10**



**“Guyyaa tokko
fardikoo bishaan
galaana Diimaa
nidhuga”**

- Lij Iyyaasuu

fuula **6**



**Raawwii hojii
ji'oota sadii,
Biiroo Fayyaa
Oromiyaa**

fuula **14**



Barreeffamni kun walta'iinsa Dhaabbata Piresii Itoophiyaafi Yunivarsitii Bulee Horaatiin ji'atti al-tokko kan dhiyaatuudha

Yunivarsitiin Bulee Horaa dhaabbata Kooriyaa Kibbaa, 'YOLK CO Ltd' wajjin waliigaltee hojii mallatteesse

Yunivarsiitichatti qindeessummaa Daayirektoreetii Tajaajila Hawaasaatiin dhaabbanni 'YOLK CO Ltd' jedhamu deeggarsa hojii misooma hawaasa naannicharratti xiyyeeffate kennuuf kan karoorfateedha.

Dhaabbati biyyoota Afrikaa bahaa naannawa hojiisaa taasifachuun hojjachaa kan jiruufi Itoophiyaatti caalmaatti bunni bal'inaan waan argamuuf hojiilee gabaabaa bunaarratti hojjachuuf qophii cimaa qabaachuu bakka buutuun dhaabbatiichaa Aadde Luulluu Arnoldi ibsaniiru.

Dhaabbati gara Yunivarsitii Bulee Horaatti yommuu dhufu karaa yunivarsiitichaatiin haalli karoorra hojiisaanii kan mijachuu danda'uufi raawwii hojii pirojektichaa hawaasa naannawaa dhaqqabuu akka danda'us kan waliigalame yoo ta'u, tajaajilli gama dhaabbatiichaatiin kennamuuf qophaa'e anniisaa soolaarii manneen barnootaa hanqina tajaajila elektirikii qabaniif ampuuliin harkaa kan anniisaa soolaariitiin ifu kan raabsamu ta'a. Kunis rakkoolee chaarjii mobaayiliitiifillee barattoota kan gargaaru ta'uu bakka buutuuni dhaabbatiichaa ifoomsaniiru.

Kana malees hojii guddaan dhaabbatiichaa hojii omisha bunaarratti hojjachuuf qophii xumuruu ibsuun, haalli buna ittiin gogsan anniisaa soolaarii kana fayyadamuun ta'a. Kun immoo qonnaan bultoonni buna qulqulluu gabaaf akka dhiheessaniif kan gargaaru ta'uun himameera.

Pirezidaantiin Ittaanaan Dhimmoota Akkaadaamiifi bakka bu'aan pirezidaantii



Yunivarsitii Bulee Horaa Doktor Biraanuu Lammaa dhaabbatiicha simachuun ergaa бага nagayaan dhuftanii dabarsanii pirojektii hojjetamuuf jedhu jechuunis anniisaan soolaariifi omishi bunaallee hojii ijoo rakkoolee hawaasa naannawichaa furuu dandeettu waan ta'eef galateeffataniiru.

“Yunivarsitiin keennillee gama ogummaatii cimaa keessan dhaabbachuuf qophiidha. Gujiin omisha bunaatiin daran beekamtuu waan teeteef dhaabbatiichi yoo sirriitti irratti nuwaliin hojjate ofiifi hawaasalleen bu'aa qabeessa taasisuu danda'a” jedhan.

Ittigaafatamaan Waajjira Pirezidaantii Doktor

Nageessaa Mokkonaa gamasaaniitiin pirojektii kun keessattuu ummata baaddiyaa waan fayyaduuf waliin taanee hojiilee baay'ee hojjanna jechuun yaada simannaa ibsaniiru.

Daayirektarri Tajaajila Hawaasa Yunivarsitichaa Obbo Taaddasaa Jiloo barbaachisummaa pirojektichaa ibsuun, keessattuu barattooni naannawa hanqinni elektirikii jiru keessa jiraatan haalaan gargaaramu jedhani, dhaabbatiichi pirojektii biraallee adoo nuu gumaachee waliin taanee jijjiirama barbaachisutti ceena jechuun ibsaniiru. Sanada waliigaltee pirojektii walharkaa fuudhaniiru

Yunivarsitiin Bulee Horaa barattoota idilee baranaa simate

Yunivarsiitichatti barattoonni ogummaawwan gara garaatiin barachuurratti argaman kan waggaa lammaffaafi isaa olii digrii 1ffaa hanga 2ffaa jiraniif waamicha bara barnootaa 2016 taasifameef hordofuun dhufan sirna ho'aadhaan simate.

Barattoota kanniniif hojiin baruu barsiisuu mijataafi si'ataa akka ta'uuf haaldureen jireenya barattootaa mooraa yunivarsiitiitti mijeeffamuufiin mirkanaa'eera.

Barattoonni barana galmaa'uun barnootasaanii ittifufu jedhamanii eegaman digrii jalqabaa barataa 4577fi digrii lammaffaa ammoo 680 ta'uu Abbaan Adeemsa Daayirektoreetii Rejistiraara Yunivarsiitichaa Obbo Addis Mokkonnan ibsaniiru. Galmeen barattootaa karaa dijitaalaa (online) akka adeemsifamaa jirus eeraniiru.

KEESSUMMAA BARIISAA

“Guyyaa tokko fardikoo bishaan galaana Diimaa nidhuga”

- Lij Iyyaasuu

Waasihun Takileetiin

Addunyaa sadii afraffaanshii galaanaan uwwifame keessaa biyyoonni balbala galaanaa hinqabne sadarkaa addunyaatti biyyoota 44 yoo ta’an, sadarkaa Afrikaattimmoo biyyoota kudha jaha.

Afrikaatti biyyoota balbala galaanaa hinqabne keessaa Itoophiyaan ishee tokko yoo taatu, balballi galaanaa dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuu akkasumas dhimma walabummaa Itoophiyaa seeraan deebisiisuu ta’uu hayyoonni ni kaasu.

Kufaatii sirna Minilik booda aangoo kan qabatan Lij Iyyaasuun imaammata alaa guguddoo baafatan keessaa inni tokko marfama Itoophiyaarratti aggaame (koloneeffattoota) diiguu, inni lammaffammoo faayidaa seenaan Itoophiyaan galaana diimaarraa argachuu qabdu deebisuuf “Gaaf tokko fardikoo bishaan Galaana Diimaa ni dhuga” kan jedhu ture jedhu keessummaan Bariisaa maxxansa kanaa.

Keessummaan keenya Kaadhimamaa Doktireetiifi Hayyuu Saayinsii Siyaasaa yoo ta’an, Itoophiyaan balbala galaanaa dur qabdurraa akkamiin adda baate? Yaaliin faayidaa argamaa ture ittifufsiisuuf taasifame maal fakkaata? Yaadni Ministirri Muummee Itoophiyaa tibbana dhimma kanarratti mataduree, “Copha bishaaniirraa hanga galaana bishaaniitti” jedhuun dhiyeessan akkamiin ilaalama, milkaa’uu danda’a isa jedhuuf deebii argachuuf keessummaa keenya wajjin gaafdeebii taasisneerraa dubbisa gaarii.

Bariisaa: Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis Hayiluu eenyu?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Shimallis Hayiluu jedhama Naannoo Oromiyaa, Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Warra Jaarsoo, Ganda Dhaayituuttin dhaladhee guddadhe.

Bariisaa: Haalli barnoota keessanii sadarkaa lffaa hanga yunivarsitii jiru maal fakkaata? Eessa eessatti barattan?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Barnoota koo sadarkaa lffaa Mana Barumsaa Dhaayituu Goorgisii jedhamuttin baradhe. Sadarkaa 2ffaa ammoo Mana Barumsaa Tulluu Milkiitti, Qophaa’ina Mana Barumsaa Qarree Go’aattin xumure.

Bariisaa: Qophaa’ina xumurtanii Yunivarsitii eessatti maal barattan?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Akkuman kutaa kudha lama xumureen Yunivarsitii Wallaggaa seeneen Saayinsii Siyaasaafi Hariiroo Idilaaddunyaatiin digrii jalqabaan eebbifame. Digrii koo 2ffaa Yunivarsitii Finfinneetti Hariiroo Idilaaddunyaatiin hojjedheera.

Bariisaa: Baruu barsiisuu eessatti eegaltan?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Ergan digrii koo lammaffaa hojjedhee Yunivarsitii Walloo Dasseetti ramadamee waggoota shaniif barsiiseera. Kanamalees yunivarsitichatti hoggansa gara garaatiinin tajaajilaa ture. Yeroo ammaammoo Yunivarsitii Finfinneetti barsiisaafi kaadhimamaa doktireetii Saayinsii Siyaasaati.

Bariisaa: Hayyee, Addunyaa sadii afraffaanshii galaanaan uwwifame keessatti biyyoonni balbala galaanaa hinqabne hammami, sadarkaa Afrikaattoo?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Sadarkaa addunyaatti biyyoonni 44 balbala galaanaa hinqaban. Sadarkaa Afrikaattimmoo Itoophiyaa dabalatee biyyoonni 16 balbala galaanaa hinqaban.

Bariisaa: Sadarkaa addunyaatti daldalli galaanarraa gaggeeffamu hammami?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Daldalli addunyaa kanaa dhibbantaa 80 ol galaanarratti kan taasifamu yoo ta’u, biyyoonni balbala galaanaa hinqabne dhibbantaa 33-40 daldala galaanarraatiin duubatti hafoodha jechuudha.

Kunis hariiroon dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa biyyoota gidduu jiru akka walgatu taasisa. Kanamalees nageenya waaraa biyyaafis hudhaa hamaa waan ta’eef balbala galaanaa qabaachuun dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuuti.

Bariisaa: Itoophiyaan balbala galaanaashee kan dhabde yoomi?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Sirna Minilik keessa keessummaa bara 1908 waliigaltee mallatteeffameen Itoophiyaan balbala galaanaashee dhabdeetti. Kunimmoo hariiroo hawaas dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa Itoophiyaarratti dhiibbaa guddaa uumeera jechuun danda’ama.

Bariisaa: Kufaatii sirna Minilik booda balbala galaanaa Itoophiyaaf deebisuuf carraaqqiin taasifame hinjiruu?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Akkuma Lij Iyyaasuun gara aangoo dhuftaniin imaammata alaa baafatan keessa guguddoon marfama Itoophiyaa diiguun Afrikanota bilisa baasuufi faayidaa Itoophiyaan Galaana Diimaarraa argachuu qabdu deebisiisuu bu’uura buusaniiru jechuun nidanda’ama.

Bariisaa: Lij Iyyaasuun imaammata alaa baasaniin fardikoo gaaf tokko galaana Diimaa nidhuga jedhaniiru jedhama ergaan kanaa maalinni?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Faayidaa murteessaa balbala galaana Diimaarraa Itoophiyaan argachuu qabduufi harkaa bahe deebisiisuu kan kaayyeffateedha.

Bariisaa: Lij Iyyaasuun imaammata alaatiin ilaalchaafi ejjennoo cimaa kan qabu jijjiiramaafis kan of kennaniidha jedhama. Aangoo dhuftanii walabummaa biyyaa kabachiisuu keessatti maal hojjetan?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Akkuma gara aangoo dhuftaniin biyya keessaafi alatti fudhatummaa argachuuf hojii ciccimaa



Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis Hayiluu

hojjetaniiru. Hojii gama siyaasaatiin, hawaas dinagdeen hojjetaniinis nama jabaa turan jechuun danda’ama.

Bariisaa: Biyya keessatti jijjiiramoota maal maal galmeessisan?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Walqixxummaan sabaafi sablammiilee, amantaa, ittigaafatamummaan seeraa seera qabeessa akka godhatu, gibiraafi asraatarratti jijjiiramni akka dhufu taasisaniiru.

Kana malees poolisiin ammayyaa (Turunbulleen) biyya keessatti ilmaan sabaafi sablammii keessaa babahaniin leenji’uu akka qaban taasisuun hogganaa jabaa isaan jechisiisa.

Waliigala seerota badaa sistamii quraanyaa, leebashaayifii ciqaa shuumii jedhaman seera qabsiisuun jaalala ummata bal’aa horataniiru.

Sirna Minilik keessa poolisiin kan leenji’u biyya Liibiyaatti ergamanii yoo ta’u, isaanuu Gojjaamirraa kan filataman waan ta’aniif komii guddaatu ture. Namoonni poolisii Turunbullee kana leenji’uuf gara Tiriipoolii deeman marti eessaa dhuftan jedhamanii leenjistootaan gaafa gaafataman hunduu Gojjaam jedhanii deebisu. Yeroo sana Raas Hayiluunimmoo yoom dhufu jedhanii itti qoosaa turan.

Kana jechuun Itoophiyaan biyya sabaafi sablammii hedduu taatus yeroo sanatti kan gara Faransaay deemee leenjii poolisummaa fudhatu ijoolluma naannawa tokkoo qofa waan turaniif mootii Goojjam, Raas Hayiluunimmoo yoom dhuftanii leenjii fudhatu jedhanii adeemsicha qeeqaa turan.

Lij Iyyaasuunis dhimma kana waan beekaniif hojmaata badaa sana maqsanii leenjistoota alaa fidanii ijaarsi poolisii Turunbullee biyya keessatti ilmaan sabaafi sablammii akka hirmaachisu taasisaniiru.

Gama biraatiin dippilomaasiidhaanis hogganaa cimaa turuu seenaan ragaa bahaaf. Kanaafis koloneeffattootaan marfamuun Itoophiyaa diiguuf biyyoota faallaa koloneeffattoota waliin hariiroo uumuunsanii, walabummaa biyyaa ykn Itoophiyaa kabachiisuuf balbala galaana Diimaa 1908 harka baafame deebisiisuuf yaadasaanii, “Guyyaan fardikoo galaana

diimaa ittindhugu nidhuga” jedhuun beekamu.

Bariisaa: Guyyaa fardikoo Galaana Diimaa ittindhugu ni dhufa jechuunsanii maal jechuudha laata?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Balbala Galaanaa Itoophiyaan dhabde deebisiisuun dhimma dinagdee osoo hintaane dhimma walabummaa biyyaa kabachiisuu waan ta’eefi. Kanamalees dinagdeen walabummaa booda dhimma deebii argachuu qabu waan ta’eef xiyyeeffannoon balbala galaanaa deebisiisuuf kennamu olaanaa ta’uu kan agarsiisuudha.

Bariisaa: Lij Iyyaasuun erga gara aangoo dhuftanii jaalalli isaan biyyasaniif qabaniifi fudhatummaansaaniin daran olaanaa ture jedhamaatii isin maal jettu?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Dhugaa dubbachuuf Lij Iyyaasuun dippilomaasiinis ta’e jaalalaafi fudhatummaan ummata biratti qaban daran olaanaa turuu seenaatu ragaa baha. Keessumaa saamicha qonnaan bultootarra ga’aa tureefi Gibira humnaa olii maqsuu keessattis nama jabaa turan.

Bariisaa: Lij Iyyaasuun tilmaama gibiraa midhaan oyruratti taasifamaa ture haqusaaniitu himamaatii kanarratti hoo maal jettu?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Osoo Lij Iyyaasuun gara aangoo hindhuftin qonnaan bulaan midhaan facaasee midhaan sun bilchaatee “Ciqaa shuumiin (ogeessa hanga midhaanii oyruratti tilmamu) tilmaama midhaanichaafi gibira hamma itti murutti haamsisuun hindanda’amu ture

Haalichi hojmaata badaa waan tureef seera, midhaan keessan haammadhaa; callaa argattanirraammoo gibira kaffalaa jedhu baasuun saamicha qonnaan bulaarratti raawwatamu maqsuun jaalala horataniiru.

Kunis yeroo tokko Lij Iyyaasuun gara Godina Qellem Wallaggaa deemanii midhaan gahee hinhaamamne arganii qonnaan bultootaan maaliif hinhaamtan jedhanii gaafannaan ciqaa shuumiin dhufee tilmaama gibiraa nutti hinmurre jedhanii deebisaniif.

Lij Iyyaasuunis midhaan keessan haammadhaa, callaa argattanirraa gibira kaffaltu malee hojmaanni badaa oyruratti

KEESSUMMAA BARIISAA

gibira namatti muran hafeera yoo jedhan qonnaan bultoonni gammadani akkas jedhanii weellisaniifiru. *“Iyyaasuu yaa donfoollookoo siinan nyaadhe boqqollookoo”* jedhanii jaalala qabaniif agarsiisaniiru.

Bariisaa: Hojmaata badaa Leebaashaayis kan balleessan isaan jedhama leebaashaayiin maalinni?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Leebaashaayii jechuun dur dur mala hattuu ittiin qaban jedhamee amanamuudha. Baala shaayii nama macheessu fuudhanii daa'imman obaasuun mandara keessa gadhiisu. Utuma daddarbartuu balbala nama tokkootti yoo kufte namni sun hattuu ta'a jechuudha. Hojmaata badaa duubatti hafa akkasii hambisaniiru. Kanamalees sistamii quraanyaallee hambisaniiru.

Bariisaa: Sistamiin quraanyaa hoo maalinni?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Yoo namoonni lama wallolan inni miidhes inni miidhames funcaan walitti hidhamee hanga dhugaan bahutti tura.

Tarii namoota walitti hidhaman sana keessaa tokko yoo du'e firrisaa qabamee bakka buufamee hidhama ture. Lij Iyyaasuun hojmaata duubatti hafa kana balleessuun kan miidhe qofa hidhamuu akka qabu seera baasaniiru. Kanarraa kan ka'e ummata biraa jaalatamummaa guddaa argataniiru.

Bariisaa: Poolisii ammayyaa ijaaruunis beekamtii guddaa akka qaban seenaan ragaa baha mee maalfaa hojjetan?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Lij Iyyaasuun poolisii ammayyaa Itoophiyaa keessatti ijaaruun beekamtii guddaa qabu. Kunis poolisii Turunbullee jedhamu ogeeyyota alaa fiduun biyya keessatti leenjisiisaa turan. Seenaa ijaarama poolisii ammayyaa Itoophiyaa keessatti Lij Iyyaasuun jijjiirama fiduun beekamu.

Kanamalees ilaalcha sabdaneessaa qabaniin sabaafi sabalammiilee Itoophiyaa biratti waan daran jaalatamaa dhufaniif shira irratti xaxuun fonqolchi irratti raawwatame malee bulchiinsisaanii gama dippilomaasiin, walabummaa biyyaa tiksuufi walqixxummaa sabootaa mirkaneessuu keessatti hogganaa cimaa turan.

Bariisaa: Gara balbala Galaanaattin isin deebisaatii imaammanni alaa Lij Iyyaasuun Galaana diimaa deebisiisuuf qabatan hinmilkoofne. Maaliif milkaa'uu dadhabe?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Lij Iyyaasuun aangoo qabatanii turtii waggaa sadii hanga afurii gidduutti hojilee guguddaa biyya keessattis ta'e dippilomaasii alaatiin jijjiirama agarsiisaniiru.

Kanamalees dhimmi balbala galaanaa dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuu walabummaa biyyaa kabachiisuu waan ta'eef guyyaa fardikoo bishaan galaana diimaa dhugu ni dhufa jedhanii hojiitti seenanii turan. Ta'us fonqolcha irratti gaggeeffameen aangoorraa bu'anii Hayilasillaaseen aangoo qabatan.

Ta'us dhimmi Itoophiyaan balbala galaanaa qabaachuu aanga'oota duubarra dhufaniif hojmanaa ta'ee ta'a'era jechuudha.

Bariisaa: Hayilasillaaseen hoo dhimma balbala galaanaarratti waan hojjetan hinqabani?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Hayilasillaaseen bara 1940 waliigalteen dhimma galaana diimaa (sirna Minilik keessa Itoophiyaa balbala galaanaa ala taasisu) mallattaa'ee ture akka haqamu taasisaniiru.

Duubarra garuu dhufaati ADWUI booda balballi galaanaa akka fedhii lammaffaatti



ilaalamuun Itoophiyaa tarree biyyoota balbala galaanaa hinqabne (land locked) keessatti hiriirsiseera jechuudha.

Bariisaa: Sirna ADWUI keessa balbala galaanaa deebisiisuuf yaliin taasifama jiraa?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Sirna ADWUI keessa waa'ee balbala galaanaa Itoophiyaaf deebisiisuuf yaalii taasisuu mitiitii dhaabbilee barnoota olaanaatti waa'een balbala galaanaa akka hinbarsiifamne taasifame. Dhimmi balbala galaanaa barbaachisaa miti akka filannoo lammaffaatti ilaalla yaada jedhuun akka hafu ta'e. Kanamalees namni barsiisee argame yakkamaa ta'a ture.

Bariisaa: Biyyi tokko akka biyyaatti hundaa'uuf dhimmi dursa argachuu qabu walabummaa biyyaa kabachiisuumoo dhimma dinagdeeti? Balballi galaanaa kam keessatti ramadama?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Biyyi tokko akka biyyaatti hundaa'uuf jalqaba walabummaanshee kabajamuu qaba. Dhimmi balbala galaanaa dhimma dinagdee osoo hintaane dhimma walabummaa biyya kabachiisuuti.

Bariisaa: Dhimmi balbala galaanaa qabaachuu dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuu ta'uusaatiin mootummaan jijjiiramaa Doktor Abiyyi sochii jalqabeera sochii kana akkamiin ilaaltu?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Dhugaa dubbachuuf ejjennoon mootummaan amma balbala galaanaa qabaachuu qabna jedhee qabate kan jajjabeeffamuudha.

Sababnisaa akkuman dura sii kaase daldalli dhibbantaa 80 ol kan galaanarraati. Itoophiyaanimmoo kana keessaa yoo baatu gama dinagdeetiinis gama nageenyatiinis waan balaa keessa seentuuf balbala galaanaa qabaachuun dirqama.

Sochii mootummaan eegale kan deeggaramuu qabuudha. Ani gamakoon dhimmi balbala galaanaa qabaachuu sirumayyuu waan tureef dhimma yeroon itti kennamu mitin jedha.

Bariisaa: Dhimmichi akkamiin furmaata argata?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Dhimmi balbala galaanaa waliigalte biyyaalessaa hordofuun adeemsa dippilomasiitiin kennanii fudhachuun kan raawwatamuudha.

Bariisaa: Yaadonni, mootummaan Itoophiyaa Galaana Diimaa waraanaan duunfachuufi, jedhan miidiyaalee

hawaasaarra deemaa turaniiruu kanarratti maal jettu?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Kun kijiba. Dhimmi balbala galaanaa qabaachuu qabna jedhu qeeqamuu hinqabu. Baay'inni ummata Itoophiyaa yeroorraa yerootti dabalaa jira. Dhaloota hiyyummaa keessaa baasuuf dhimmi balbala galaanaa qabaachuu qabna jedhu murteessaafi yaada deeggaramuu qabuudha.

Bariisaa: Itoophiyaan biyya guddinarra jirtu taatus walabummaashees ta'e faayidaashee kabachiifachuuf sadarkaa gama dippilomaasiin irra jirtu akkamiin ilaaltu?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Dhugaa dubbachuuf ga'umsi mootumman Itoophiyaa gama dippilomaasiitiin qabu kan jajamuudha. Mootummaan jijjiiramaa Doktor Abiyyiin durfamu guyyaa gara aangooti dhuferraa kaasee jijjiiramoonniifi milkaa'inoonni galmaa'aa jiran ga'umsiifi bilchinni dippilomaasii cimaa jiraachuusaatiif agarsiisuudha.

Itoophiyaan 'BRICS'ti makamuuf hojiin dippilomaasii hojjette kan biyyoota akka Turki caalee fudhatama argachuun miseensa ta'uunshii gaanfa Afrikaaf fakkeenya gaariifi bilchina dippilomaasiishii kan agarsiiseedha.

Dhimmi balbala galaanaa qabaachuu haaluma walafakkaatuun kennanii fudhachuun innis dippilomaasiidhaan kan milkaa'u waan ta'eef yaaddoo ta'e sodaa uumu hinqabu.

Namoonni dhimma kanatti qoosuu barbaadan warraa isaaniif hingalledha malee balballi Galaana Diimaa qofa osoo hintaane balbaloota argamanitti fayyadamuullee kan hammatuudha.

Bariisaa: Qaamoni kaleessa Asab ykn du'a jedhanii kaasaa turan har'a gaafa ejjennoo mootummaan balbala galaanaarratti qabu agarsiisu qeeqaa jiruutii kanarratti maal jettu?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Dhugaadha. Yeroo mootummaan jijjiiramaa aangooti dhufe hedduun Asab ykn du'a jecha turan. Har'a garuu faallessuuf yaaluun ija lamaan ilaalama.

Tokko, hubannoo laafaa waan hunda gabaabsanii ilaaluurraa kan ka'e, seenaa wallaaluufi waa'ee balbala galaanaa kaasuun birmadummaa biyyoota biroo tuquun walqabsiisani waan ilaalaniifi. Inni lammaffaa, qaamolee ejjennoo siyaasaa mootummaarraa adda ta'e qaban ummataafi mootummaa walitti buusuuf yaadaniidha.

Isaan kunniin warra ololaan mootummaan waraana banuufi, ilaalcha jedhuun boohanii ummata boochisuuf kaatan waan ta'aniif hojiin hubannoo uumuu miidiyaaleefi hayyootaan hojjetamuu qaba.

Bariisaa: Itoophiyaan balbala galaanaa dhabuusheetiin dhiibbaan dinagdeesheerratti qaqqabu akkamiin ibsama?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Kaffaltii buufata dooniif oolu fudhanee yoo ilaalle Itoophiyaan waggaa waggaa qarshii biliyoona hedduun lakkaa'amu baasti.

Yeroo waraanaa tarkaanfii olaantummaa seeraa kabachiisuu fudhatamaa turetti dhiibbaa biyyoonni alaa qaqqabsiisaniin buufata dooniiratti gibirri dhibbantaa 25n Itoophiyaarratti dabalamee ture. Balbala galaanaa dhabuun siyaasaan qaamni barbaade harka nama micciiruu danda'a. Kunimmoo birmadummaa biyyaa rakkoo hamaa keessa kan seensiseedha.

Kanaafuu balbala galaanaa dhabuun dhimma akka filannoo lammataatti ilaalamu osoo hintaane birmadummaafi walabummaa biyyaatiin kan walqabatu waan ta'eef xiyyeeffannoo argachuu qaba.

Bariisaa: Biyyi tokko balbala galaanaa argachuuf galaanarraa fageenya hammamiiratti argamuu qabdi? Kan Itoophiyaa hoo hammami?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Biyyoonni tokko tokko fageenya kiiloo meetira 200 irratti balbala galaanaa qabu. Itoophiyaan giddugaleessaan kiiloometira 50rra teessee balbala galaanaa dhabuunshee waan ajaa'ibaati.

Dhimmi kun deebii kan argatu buufataalee Galaana Diimaatiin qofa osoo hintaane filmaatawwan buufata galaanaa jiran Jibuutii, Somaaliyaafi Eertiraafaa kan hammatuudha. Akkuma irranatti kaasne dhimmichi dippilomaasiifi faayidaa waloorratti hundaa'uun kan furamuudha.

Bariisaa: Qaamolee Itoophiyaan waraanaatti seenuuf jirti jedhanii ololaniif deebiin keessan maali?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Deebiin qaamolee kanneeniif qabu marayyaa (manatsirii) waraanaafi ilaalcha siyaasaa biroo ofirraa baasuun ga'umsa dippilomaasii Itoophiyaan 'BRICS'ti makamteen ilaalu qabu.

Dhimmi balbala galaanaa qabaachuu dhimma dinagdee qofa osoo hintaane dhimma walabummaa biyyaa dippilomaasiidhaan ragga'uu qabuudha. Dhimma faayidaafi walabummaa biyyaatiin walqabaturratti qoosuunis ta'e ololatti jijjiiruuf yaaluun dogoggora guddaadha.

Bariisaa: Balballi galaanaa Itoophiyaaf maali?

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Balballi galaanaa Itoophiyaaf waa hunda. Dhimma walabummaashee kabachiisuuti. Lakkoofsa ummataa yeroorraa yerootti dabalaa deemuuf carraa hojii uumuuti. 'GDP' biyyaa guddisuudha. Dhimma turizmiifi investimantii bal'inaan gaggeessuuti. Kanaaf dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuu waan ta'eef gama dippilomaasiitiin xiyyeeffannoodhaan hojjetamuu qaban jedha.

Bariisaa: Damma osoo mi'aahuu qadaadu. Yeroo biraa walitti deebina. Ammaaf aarsaa yeroo keessaniif maqaa kutaa Qophaa Gaazexaa Bariisaatiin isin galateeffanna.

Gargaaraa Pirofeesaraa Shimallis: Isinis jabaadha dhimma biyyaarratti ogummaa qabnuun yoomiyyuu waliin hojjenna, horaan bulaa.

Qarreefi Qeerroo

Bishooftuutti dargaggoota horsiisa lukkuu ammayyaawaa akka dhugoomuuf carraaqaa jiran

Bayyanaa Ibraahimiin

Nyaata pirootiniidhaan badhaadhe argachuudhaaf beylada mana ofiitti horsiisuudhaan bu'aalee achirraa argamutti fayyadamuun barbaachisaadha.

Barattoota dhaabbilee barnootaa olaanaa gara garaarraa eebbifaman hojii mootummaatti galchuun ulfaataa ta'uunsaafi sababa kanaan humni namaa barate damee horsiisa beyladaarratti bobba'ee bifa hammayyaatiin beyladoota horsiisuun hojii yeroo ammaa baratamaa dhufeedha.

Horsiifni beyladootaa keessumaa kan kanaan dura biyyattiitti adeemsifamaa ture bifa aadaatiin ta'uunsaa beyladoota hedduu qabachaa bu'aa xiqqaa argamsiisaati kan ture. Horsiisa beyladaa bifa aadaatiin taasifamaa tureef rakkoo guddaan kunuunsa fayyaa beyladootaatiin kan walqabatu yemmuu ta'u, kunis yemmuu beyladootni kunniin dhibeewwan gara garaatiin qabamanitti dhiheenyaati hordoffiifi wal'aansa barbaachisu waan hinarganneef dhibamna salphumatti dhumaa turaniiru.

Dargaggoonni akka Doktor Taklee Shifarraafi Doktor Abunuu Andargee ogeeyyota horsiisa beyladaa yemmuu ta'an, misooma damee horsiisa beyladaatiif deeggarsa ogummaa taasisuu bira darbanii magaalaa Bishooftuutti iddoo horsiisa lukkuu fudhatanii, cuucii lukkuu mala ammayyaatiin horsiisuudhaan ummataaf raabsaa jiru.

Haalli cuuciiin takka ittiin guddattuufi wantootni isheen yeroo jalqabaa soorattu bu'aa sanaan booda erga lukkuu guddoo taatee kennituuf murteessaa ta'uu kan himan dargaggoonni kunniin, horsiisni lukkuu mala saayinsaawaatiin ta'uu akka qabu dubbatu.

Akka ibsasaaniitti cuuciiin isaan horsiisaa jiran kanneen mala saayinsaawaafi namtolcheedhaan yaasifamaniidha. Haalli guddinasaniis bifuma saayinsaawaadhaan kan itti fufufu ta'a.

Cuuciiwwan bifa saayinsaawaadhaan horsiisan hundaaf yeroo yerootti talaalliin ni kennama. Haa ta'e malee yeroo hedduu namootni cuuciiwwan kanneen isaan biraa fudhatanii gara horsiisa lukkuutti geeddaran talaalliwwan isaan kennaniif waan addaan kutaniif bu'aaqabeessummaansaanii hanga yaadamee gadi haalli itti ta'uu danda'u hedduminaan mul'achaa jira jedhu.

Kanaafuu, namootni horsiisa lukkuurratti bobba'an dhaabbilee cuucii baay'isanirraa fudhataniif hanga sadarkaa soorataaf gahanitti kunuunsaafi



talaalii yeroo barbaachisaa ta'etti kennaman addaan kutuu hinqaban jedhu.

Sadarkaa hanqaaquurraa kaasee hanga guddattee umriinshee nyaata namaatiif gahutti wantootni barbaachisan tartiibaan yeroosaanii eeggatanii yoo hinkennamneef guddina lukkoowwan qofarratti osoo hintaane, faayidaan dhalli namaa isaan soorachuurraa argatu daran gadi bu'aadha.

Wantoota lukkuuwwan faayidaa qabeessa taasisaniifi soorata namaatiifis barbaachisoo taasisan keessaa talaalliin isa guddaa waan ta'eef, hanga umriidhaan lafarra jiranitti tajaajilli talaalii taasifamuuf kun addaan cituu hinqabu.

Akka biyyaatti sagantaa maaddii guutuu biyyattiin qabatee hojirra oolchaa jirtu sirna soorataa fooyyessuudhaan dhaloota fayyaqabeessa horachuuf daran barbaachisaa ta'uu kan himu Doktor Taklee Shifarraa, isaanis akka ogeessa horsiisa beyladaa tokkotti dargaggoota dame horsiisa beyladaa irratti bobba'aniif deeggarsa ogummaa kennuun cinatti ofisaaniitiifis horsiisa cuucii lukkuu nyaataaf oolaniif bu'ura ta'e kanarratti bobba'uudhaan sagantichaaf waan irraa eegamu bahachaa jiraachuu ibsa.

Hanqina beekkumsaa gama horsiisa beyladaatiin jiru keessattuu horsiisa lukkuun walqabatee jiru furuuf kaayyeffatanii gara damee kanaatti kan galan ta'uu kan himu immoo Dargaggoo Doktor Abunuu Andargeeti. Haalli horsiisni beyladaa biyyattii ittiin adeemsifamaa tureefi jiru irra jireessaan beekumsa bu'uraa damichaaf barbaachisuun ala ta'uus nidubbata.

Akka yaadasaatti; hojiin beekumsa barbaachisaa hojichaaf barbaachisu malee hojjatamu kamuu daandii dheeraa kan nama adeemsisuufi bu'aa achirraa argachuu malanis kan nama dhabsiisuudha.

Rakkoolee hanqina beekumsaafi

ogummaa horsiisa beyladaatiin jiru kanarraa ka'uudhaanis ana dabalatee hiriya koo ogummaafi beekumsa damichaa gadi fageenyaan qabu waliin taanee jalqaba gara namoota horsiisa lukkuurratti bobba'aniif leenjii kennuutti bobbaane jedha.

Sana booda immoo deeggarsa gorsaafi leenjii namoota horsiisa lukkuurratti bobba'aniif kennuu cinaattis keessattuu dargaggoota dhaabbilee barnoota olaanaarraa eebbifamanii gara damichaatti galuu barbaadaniif osoo isaan gara hojiitti hingaliin dura leenjii kennuudhaan ogummaafi beekumsa barbaachisu akka qabatan taasisaa jiraachuus eereera.

Haalli horsiisa lukkuufi beyladoota biroo kanaan dura ture garuu namni kamuu fedhiifi iddoo itti horsiisu qabaannaan bifuma salphaa ta'een horsiisee akka faayidaa irraa argatu yaadamaa ture.

Yeroo ammaattis iddoowwan horsiisni beyladaa bifa aadaatiin soorata barbaachisu, iddoo filatamaa, tajaajila talaalii walirraa hincitneefi deeggarsa ogeeyyota damichaa osoo hinargatin haalli ittiin horsiifamaa jiran darbee darbee inuma mul'ata.

Asirratti wanti beekamuu qabu garuu, bifa aadaatiin horsiisa lukkuus ta'ee kan beyladoota biroo adeemsisuun ni danda'ama. Garuu bu'aan bifa aadaatiin horsiisuufi bifa saayinsaawaadhaan omishuu irraa argamu garaagarummaa hedduu kan qabu waan ta'eef karaan inni filatamaafi bu'aaqabeessas nama taasisu mala saayinsaawaan ta'uun hubatamuu qaba.

Yeroo deeggarsa ogummaa namoota horsiisa lukkuurratti bobba'aniif kennanitti namoota kaka'umsumasaaniitiin bifa aadaa ta'een horsiisaa jiraniifi dargaggoota dhaabbilee barnoota olaanaarraa eebbifamanii gara hojii horsiisa lukkuu kanatti galan gidduu gorsa ogeeyyotaa fudhachuun walqabatee garaa garummaa guddaatu

jira.

Namootni horsiisa lukkuu bifa aadaatiin horsiifamu maatiisaaniirraa dhaalanii ittifufsiisaa jiran gorsa ogeeyyota fudhachuurratti hedduu kan rakkatan yemmuu ta'u, kunis umrii dheeraa horsiisa lukkuu keessa turuusaaniifi jalqabumarraa maatiin isaani yemmuu horsiisan ilaalaa guddachuusaanii akka beekumsa guddaa tokkootti fudhachuudhaan gorsa ogeeyyota horsiisa saayinsaawaa fudhachuurratti daran rakkatu.

Hojii horsiisa lukkuu sana keessa turuufi maatii keessattis ilaalaa guddachuun muuxannoofi barnoota guddaa ta'e kennuufi akka danda'u kan himu Doktor Abunuu, beekumsa muuxannoodhaan horatame yoo mala saayinsaawaan hindeeggaramne jijjiirama yeroo yerootti dhufu waliin adeemuuf kan nama rakkisu ta'uu ibsa.

Dargaggootni dhaabbilee barnoota olaanaarraa eebbifamanii gara hojii horsiisa lukkuutti galan garuu deeggarsa gorsa ogeeyyotaa kanneenii haala gaarii ta'eefi qalbii guutuudhaan itti amananii waan fudhataniif hojii horsiisaa kanarrattis bu'aaqabeessummaansaanii olaanaa ta'aa jira.

Yeroo ammaatti dargaggootni gara hojii horsiisa lukkuutti galan hundi hojicha jalqabuun dura leenjii barbaachisu fudhachuu akka qaban waan baraniif, dargaggootni akka Doktor Takleefi Abunuu leenjiifi deeggarsa ogummaa horsiisa lukkuurratti kennaa jiran babal'isuudhaan iddoowwan hundatti dargaggoota fedhii qaban hunda keessummeessuuf qophii ta'uu ibsu.

Walumaagalatti; rakkoo nyaata madaalawaa akka biyyaatti mul'achaa jiru furuuf sagantaan 'maaddii guutuu' barbaachisaafi kan yeroosaa eeggate yemmuu ta'u, kanaaf immoo horsiisni beyladaa, keessattuu kan bifa saayinsaawaadhaan taasifamu murteessaadha.

Abbaa Sa'aa

Barana gannaafi bonaan lafa hektaara miliyoona 4.7 qamadiidhaan misoomsuuf karoorfameera

Bayyanaa Ibraahimiin

Itoophiyaan fedhii qamadii nyaataafi faayidaa biroo guuttachuu dadhabuusheetiin waggoota 50 olif sharafa alaa olaanaa ta'e dhangalaasuudhaan biyya alaati galchaa turuunsee seenaa waggaa tokko hincaalleedha.

Qamadii bifa deeggarsaatiin Itoophiyaaf kennamuufi biyyattiin immoo fedhii biyya keessaa gama qamadiin jiru guuttachuuf biyyoota alaati bara baraan galchitu kuntaala miliyoona 15 hanga 20tti kan tilmaamamu ta'uu ragaaleen Ministeera Qonnaa ni agarsiisu.

Bittaa qamadii biyya alaati bitamu kanaafis waggaa waggaa doolaarri miliyoona 600 ol baasii akka ta'u ragaaleen kan agarsiisan yemmuu ta'u, gama biraatin waggoota muraasa darbanitti keessattuu magaalota guguddooti hanqinni dhiyeessii daakuu qamadiifi dhimmi qaala'insa gatii daabboo yaaddoo jiraattotaa yeroo ta'uu irra deddeebiin mul'ateera.

Kunis baasiin sharafa alaa olaanaa ta'e itti dhangala'aa turus fedhii gama kanaan biyya keessa jiru guuttachuu dadhabuudhaan qaala'iinsi uumame mootummaan utuma rakkoolee adda addaa jirani furmaata biraa akka xiinxaluuf carraa uumeera.

Biyya haala qilleensa omisha qamadii dabalatee akaakuuwwan midhaan nyaataa hedduutiif mijataa ta'e keessa taa'anii, biyya rooba gahaafi haala teessuma lafaa qonna qamadiitiif mijataa ta'e keessa jiraachaafi humna omishaa kan ta'e dargaggoota walakkaa waliigala lakkoofsa ummata biyyattii ta'e qabaachaa deeggarsa qamadii biyya alaati dhufu jala harka qabachuufi sharafa alaa guddaa dhangalaasani qamadii alaa galchuun seenaa ta'uu akka qabu hoggansi irratti mari'atee kallattii hojiirratti mirkanaa'uu danda'u ba'ee hojiitti galame.

Kanaanis Itoophiyaan waggoota lama hanga sadii keessatti fedhii omisha qamadiishee biyyuma keessatti guuttachuufi qamadii alaa galchitu guutummaatti dhaabuuf karoorfatee qaama dhimmi ilaallatu hundaaf kallattii keesseetti.

"Biyyi tokko osoo haala mijaawaa qabduu waan nyaataaf oolu alaa galchuun qaaniidha," jechuudhaan caasaaleen mootummaa sadarkaadhaan jiran hundi miira kutannoofi ofitti amanamummaatiin hojitti galanii bu'aa qabatamaas lafarratti agarsiisuu eegalan.

Iddoowwan tanaan dura bifa aadaatiinis ta'u omisha qamadiitiin beekaman qofa osoo hintaane, naannawawwan gammoojjiifi hanqina roobaa qabanitti jallsii fayyadamuudhaan qamadii omishuun ajandaa guddaa ta'ee iddoowwan hunda walga'e.

Kanneen kanaan dura omisha qamadii irratti maqaa qaban hojiiwwan galteewwan qonnaa barbaachisuun deeggaruufi qonna makaanaayizd ta'etti akka fayyadaman gochuun gama tokkoon, kanneen tanaan dura qamadii hinomishneef haalota barbaachisoo uumuudhaan gara omisha qamadiitti galchuudhaan yeroo gabaabaa (waggaa sadii) keessatti omisha qamadii alaa galu dhaabuuf karoorri qabamee yeroo jedhamettis maniin kaa'ame milkaa'ee seenaa haaraan galmaa'e.

Karoora biyyattiin qamadii baay'inaafi



qulqullinaan omishuudhaan fedhii biyya keessaa guutuuf qabate milkaa'ee seenaa keessatti yeroo jalqabaatiif qamadii alaati erguu dandeesse.

Karoora omisha qamadii baay'inaafi qulqullinaan omishanii fedhii biyya keessaa guutuuf taasifame keessatti immoo qamadii waqtii gannaa qofatti omishamu osoo hintaane, inni yeroo bonaatti jallsii fayyadamuudhaan omishamu shoora guddaa kan qabu yemmuu ta'u, labsii ummata, ogeessaafi hoggansa sochoosuu danda'e 'labsii Adaamaa' "Adama Declaration labsine" jedhamuufi kaka'umsa kanaaf bu'uura ta'eedha.

Haaluma kanaan bakkeewwan qamadiin kanaan dura hinturre gammoojjiwwan Booranaa, Harargeefi Baalee keessatti qamadii omishuun akka danda'amu hojii qabatamaatiin mirkanaa'uu danda'eera.

Qonnaan bultootaafi horsiise bultoota omisha qamadii waqtii bonaa kanarratti bobba'aniif deeggarsa ogummaa taasisuufi galteewwan dhiyeessuun wayita omishnisaanii gahuttimmoo walitti hidhamiinsi gabaa akka uumamuuf taasifamuusaatiin karoora akka biyyaatti fedhii qamadii biyya keessaa guutuuf qabame mootummaan qabame qofa osoo hintaane, karoora galii qonnaan bulaa fooyyessuudhaan jiruufi jireenyasaanii fooyyeessuuf qabame irrareessaan akka mirkanaa'uu taasifame.

Omisha qamadiinis ta'ee waliigala omisha midhaan biyyattii keessatti omishamuun harka caalu kan gumaachitu Oromiyaan gama kanaan qonnaan bultootni, horsiisee bultootni akkasumas qaamoleen biroo waliigala namootni kuma 200 ta'an; kallattiin omisha qamadii jallsiirratti akka bobba'an taasisuudhaan utubaa karoora guddaa kanaa ta'uu mirkaneessite.

Milkaa'inoonni warraaqsa misooma qamadiirratti gageeffameen argaman Oromiyaan waan guddaa hojjechuu akka dandeesu kan dhugoomsu ta'uudha Pirezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oormiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa kan himan.

Oromiyaatti qamadii bonaa bara 2016n lafa hektaara miliyoona lama, kuma 629fi 767 misoomsuuf mariin bakka Obbo Shimallis argamanitti hoggansa naannoo, godinaafi magaalotaa waliin tibbana gageeffamee ture.

Muuxannoo waggoota shanan darban misooma qamadii bonaarratti horatame baranaaf galtee guddaa waan ta'uuf omisha caalmaa qabuuf karoorfamuu maricharratti kan ibsan Hogganaan Biroom Qonna Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuu, humni gama bishaaniifi haala mijaawaa naannoon Oromiya qabduurratti hundaa'uun bara 2016tti lafa hektaara 2, 629,767 irratti qamadii bonaatiin misoomsuuf hojjetamaa jiraachuu dubbataniiru.

Karooricharratti hundaa'uudhaan eessatti, hojiiwwan akkamii, eenyuun akka hojjetamuu qaban irratti caasaan sadarkaadhaan jiru hundi waliigaluus ni ibsu.

Ministirri Qonnaa Doktor Girmaa Amantee gamasaaniin Karoorri misooma qamadii bonaa bara 2016 akka Oromiyaatti qabame kun karoora misooma qamadiirratti akka biyyaatti qabamee ol ta'uu himanii, waan ta'eeffis karoora guddaafi hiixataa kana milkeessuuf qophiifi kaka'umsi hoggansaafi qooda fudhattoota bira jiru olaanaa ta'uu ibsaniiru.

Dabalataanis, Karoorri qamadiirratti qabame karoora birmadummaa biyyaa mirkaneessuu waan ta'eeff cimee hojjetamuu akka qabuufi milkaa'inasaatiifis Ministeerri Qonnaa deeggarsa barbaachisuun kan isaan maddii jiru ta'uu mirkaneessaniiru.

Dhiheessii xaa'ootiin walqabatees hanqinni akka hinuumanneef ministireerrisaanii kan hojjetuufi hanqina paampiifi galteewwan omishaa furuufis xiyyeeffannaan kan hojjetamu ta'uu dubbatu.

Milkaa'ina misooma qamadiin argamaa jiru kanaaf adda durummaan qonnaan/horsiisee bultoota, hojjetoota misoomaa, ogeessota qonnaa, hooggansa, qooda fudhattoota qonnaafi qorattoota sadarkaan jiran hundi shoora guddaa bahaniif kan galateeffatan

immoo Obbo Shimallis Abdiisaati.

Isaanis, warraaqsi misooma qamadiirratti gageeffame Oromiyaan waan guddaa hojjechuu akka dandeesu, warraaqsa dinagdee dhugoomsuun akka danda'amuufi qabatamaan hojjechuun jiruufi jirenya hawaasaa qabatamaan mirkaneessuun akka danda'amu kan ittiin dhugoomu ta'uu ibsan.

Karoora omisha qamadii bonaa bara 2016 lafa hektaara miliyoona 2.6 dhugoomsuuf qabame qabatamaan milkeessuuf ji'a Fulbaanaa kanarraa eegalee hojii xiyyeeffannoo jalqabaa taasisuun of eeggannoo cimaadhaan karoora qabamee olitti milkeessuuf hooggansa barbaachisu hunda kennuun hojjetamuu akka qabus kallattii kaa'aniiru.

Barana misooma qamadii gannaafi bonaan lafa hektaara miliyoona 4.7 misoomsuudhaan seenaa addaa galmeessisuuf hojiitti galamuu kan eeran Obbo Shimallis, hojii kana milkeessuuf gareen gurguddaa hojii kana deeggaran shan; gareewwan ekisteenshinii deeggaru, hojii suphaa iskiimii, paampii, bishaan hidhuufi baankii bishaaniitti bishaan cimmissuun hanqina bishaanii adda baasuun fala kennu, galteewwan qonnaa barbaachisan haala agroo ikolojiirratti hundaa'uun dursee dhiheessu, paampiifi teknoloojii jallsii dhiheessuufi gabaa mijjeessan hundaa'uus eeraniiru.

Dabalataanis, hojiiwwan hojjetaman kunniin dhimmoota guguddoo sadiin adda bahuu akka qaban isaanis: karoorri qabame baay'ina humna jiruun adda bahuun madaalamuu, saffisaan yeroo jiidhinsi jirutti hojjechuufi wanti hojjetamu hunduu qulqullinasaa eeggatee ogummaan deeggaramuun omishamuu akka qabus kallattiin kaa'ameera.

Hojiin kun yeroo yeroodhaan ilaalamaafi qoratamaa akka deemuufi karoora guddaa barana qabame milkeessuun hojiiwwan baroota ittaananii sirnaawaa kan taasisu waan ta'eeff cimnaafi cichoominaan hojjetamuu akka qabu kallattii kaa'aniiru.

Walumaagalatti; hojiiwwan waggoota shanan darban omisha qamadiirratti milkaa'aa dhufan nama ilaaleef karoorri baranaa kunis akka milkaa'u shakkiin hinjiraatu.

Sirna kabaja Guyyaa Raayyaa Ittisaa 116ffaa

Guyyichi gaafa Ministeerri Raayyaa Ittisa Biyyaa hundaa'e Onkoloolessa 15 bara 1900 ka'umsa godhachuun marii hawaasaa naannoleefi bulchiinsa magaalaa taasifaman dabalatee qophiilee adda addaatiin dabaalameeti mataaduree, "Raayyaa Injifataa, qormaata hunda dandamatu" jedhuun bakka Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) argamanitti akka waliigalaatti dheengadda sirna ho'adhaan Finfinnee, Addababa'ii Masqalaatti kan kabajame.



Ilaamee...

Raawwii hojii ji'oota sadii, Biiroo Fayyaa Oromiyaa

Saamraawit Girmaatiin

Hojiilee Biiroo Fayyaa Oromiyaa hojjetu keessaa waliinga'iinsa fayyaa hawaasaa babal'isuufi fooyyessuun isa ijoo yoo ta'u, kana milkeessuuf dhaabbilee fayyaa babal'isuu, tajaajila qulqullina qabu kennuu, ogeessota mindeessuu, leenjisuufi hojjechiisuurratti xiyyeeffatee hojjetaa jira.

Hojiilee dhimmoota kanneen ilaalchisuun kurmaana tokkoffaa bara bajataa 2016tti hojjetamanirratti hogganaan biirichaa Doktor Mangistuu Baqqalaa tibbana miidiyaaf ibsa kennanii turan. Akka isaan jedhanitti, naannoon Oromiyaa raawwii pirojektotaatiin akka fakkeenyaatti kan ka'u yoo ta'e, yeroo qophii boqonnaa duraa ta'uullee pirojektota 50 xumuruuf karoorri qabamee 44 (%88) raawwachuun danda'ameera. Dhaabbilee kanneeniifis meeshaalee barbaachisoo guutuun dhaabbilee fayyaa naannicha keessatti tajaajila kennan kuma 14fi 279 irraan ga'uun danda'ameera.

Dhaabbilee kanneeniifis namoota miliyoona 17 oliif tajaajilli deddeebi'anii yaalamuu kan kennamee ta'uu kaasani, tajaajila lammummaatiin namoota harkaqaal'eeyyiifi rakkoolee garagaraatiin gara dhaabbata fayyaa dhufanii tajaajilamuu hindandeenye, tajaajila bilisaatiin ogeessoni fayyaa manaa mana deemun, warra danda'anii gara mana yaalaa dhufan ammoo tajaajila baqaqsanii yaaluu dabalatee namoota kuma 418 ol tajaajiluu ibsu.

Kun waamicha mootummaan taasisirraa ka'uun ogeessota dhaabbilee dhuunfaa keessa jiran dabalatee kan irratti hirmaatan ta'uu eeranii, akka karooraatti kan qabamee ture namoota kuma 220 tajaajiluuf akka ture kaasu. Kunis yoo kaka'umsi jiraate carraa guddaan hojiitti jijjiramuu danda'uufi hawaasa sirnaan gargaaruun akka danada'amu kan agarsiisu ta'uu himu.

Hojii tajaajila lammummaa kanneen akka ashaaraa magariisaa, dhiiga arjoomuu, meeshaalee wal'aansaafi qorichoota addaddaa walitti qabuurratti biyya alaarraa dabalatee namoonni dhuunfaa hirmaachuun hojii hojjetameen tajaajilli qarshii miliyoona 3.6tti tilmaamamu baasii mootummaa malee walitti qabuun danda'amu ibsu.

Tajaajila deddeebi'anii yaalamuun walqabatee, ji'oota sadan darbanitti namoonni miliyoona 17 ol kan tajaajilaman ta'uu kan himan hoggantichi kanneen keessaa tajaajila haadhooliifi daa'immanii milkaa'inni olaanaan kan itti argame ta'uu dubbatu. Haadhooliin kuma 285 ogeessa fayyaatiin deggaramanii dhaabbile fayyaa keessatti tajaajila da'umsaa argachuusaaniifi daa'imman kuma 361 ta'an talaallii marsaa sadaffaa



Doktor Mangistuu Baqqalaa

farra dhibee shanii fudhachuu kaasu.

Akka ibsa hogganichaatti dhibeewwan daddarbootiin walqabatee, baay'ensaani yeroo gannaa kan baay'ataniidha. Kanneen keessaa dhibeen koleeraa keessattuu hongee dheeratee tureen walqabatee Naannoo Oromiyaatti rakkoo olaanaatu mudateeyyu. Dhibeen kun godinaalee 16, magaalota shaniifi aanaalee 83tti mudatee ture. Hojii ji'oota sadan darbanitti hojjetameen godinaalee 13, magaalota sadiifi aanaalee 71 keessaa guutummaan dhabsiisuun danda'ameera. Milkaa'inni hojii dhibee koleeraa to'achuurratti mul'ate kan madde hunda dura hubannoo hawaasaarratti hojii jajjabeessaan hojjetamuusaatiin ta'uu himanii, dhibichi qulqullina waliin kallattiin kan walqabatu ta'uusaatiin, bishaan yaalaniifi nyaata bilcheessanii fayyadamuurratti hubannoo hawaasaarratti hojii gaariin hojjetamuufi hawaasnis hubannoosaa hojiitti jijjiiruusaatiin dhibichi yeroo gabaabaa keessatti jijjiirama agarsiisuusaa eeru. Wal'aansa dhibee kanaatiif wiirtuuwwan addaa 70 ta'an qopheessuun biiroofi caasaaleen sadarkaan jiran sa'atii 24, torbee guutuu hojii hojjetameen bu'aa gaariin argamuu kaasu.

Akka Doktor Mangistuun jedhanitti, talaalliin koleeraa guutumaatti bakkawwan hundatti hojiirra hinoolle. Rakkinichi hammaataa ta'uun garuu waan hubatameef Ministeera Fayyaa waliin ta'uun namoota miliyoona lamaaf talaalliin koleeraa kennameera. Kun akkuma jiranitti ta'ee qindoominni hoggansaa jiraachuusaatti dhibicha haala gaariin to'achuun danda'ameera.

"Inni biraan, waqtii gannaafi birraallee dabalatee dhibeen bal'inaan mul'atu busaadha. Busaadhaan walqabatee qorannoon dhiigaa namoota miliyoona 1.5f kan taasisame yoo ta'u, kanneen keessaa namoonni kuma 359 dhukkubichaan qabamaniiru. Kanaaf yaalii, qorichaafi meeshaalee wal'aansaa barbaachisan raabsuun ummanni akka yaalamu ta'eera.



Meeshaalee raabsaman keessaa akka fakkeenyaatti, ofeeggannoof saaphanni siree miliyoonni 7.2 ta'u bajata mootummaatiin bitamee dhihaateera. Akkasumas hirmaannaa ummataatiin hojiin bakkee walhormaata bookee busaa qulqulleessuu meetirik iskuweeriin miliyoona 7.5 qulqullaa'eera" jedhu.

Gama biiffaa keemikaalaatiin dhiibbaa biyyoota tokko tokkoratti fidaa jirurraa kan ka'e xiqqaachaa dhufuu kaasani, bakka falli biraan hinjirretti ammoo keemikaala biifuun lubbuu ummataa bararuun dirqama waan ta'eef bakka barbaachisaatti hojjetamaa turuus ni ibsu. Dhibeen kunis hanga ji'a Sadaasaa dhufuutti cimee kan ittifufu waan ta'eef hawaasni ofeeggannoo taasisu cimsee ittifufuu akka qabu dhaamu.

Keessattuu fayyadama agoobaraa (saaphana siree)rratti hawaasni gorsa ogeessota fayyaarraa kennamuufi qajeelfama dabarfameen ittifayyadamuu malee tajaajila biraatiif oolchuu akka hinqabne akkasumas, keessumaa bookeen busaa wayita ammaa dhibee kana daddabarsaa jirtu amala jijjiirraachuusheerara kan ka'e, yommuu keemikaalli biifamuu bakka biifamuu qabu hunda (mana keessaafi ala) biifsiisuufi hojiin qulqullina naannawaa eeguurratti hojjetamu cimee ittifufuu akka qabu hubachiisu. Yeroo mallattoon dhibichaa nama mudatus dafanii gara dhaabbilee fayyaa deemun miidhaa ga'u hanqisuun akka danda'amu kaasu.

Weerarri busaa godinaalee ykn naannolee muraasarratti qofa osoo hintaane bakkeewwan hedduutti mudachuu kaasani, Oromiyaa keessatti bakka takkaayyuu mudatee hinbeekne dabalatee mul'achuu himu.

Kunis Itoophiyaa keessatti waggaa 5-7tti deddeebi'ee ka'aa kan turee yoo ta'u bara 2004 waggaa tokko keessatti namoonni kuma 927 busaadhaan qabaamanii turuu yaadatanii, facaatiin wayita ammaa jiru garuu hanga sana akka hintaane kan agarsiisu ta'uu eeru.

Kanaafis sababni guddaa jijjiirama

qilleensaa mudatee tureefi bookeen busaa adda taate, kan keemikaala dandamattu Itoophiyaa keessa seenuusheetiin ta'uu himu. Akka waliigalaatti osoo dhibeen kun miidhaa caalu hingeessisiin akka to'atamuufi dhiheessii qorichaa, dhiigaafi wantoota barbaachisoorratti hanqinoota turan furuun hojii cimaan xiyyeeffannaadhaan hojjetamaa akka jiru eeru.

Hojii damee fayyaa milkaa'aa kan taasisu dhiheessii qorichaafi meeshaa yaalaa, suphaan meeshaalee ta'u kan himan Doktor Mangistuun, keessuma gama meeshaalee wal'aansa fayyaa bitamanii tajaajila ala ta'anii suphuun tajaajilatti deebisuu, bittaa qorichaafi meeshaaleetiin baasiin qarshii biliyoona lamatti tilmaamamu ba'uu ibsu.

Hojiileen ciminaan hojjetaman cimaniitti ittifufuu akka qabaniifi hanqinaaleen muraasni mul'atan dafanii sirreeffamuu akka qaban kan kaasan hogganaan kun, keessumaa raabsa qorichaatiin walqabatee hanqinni mul'ate xiyyeeffannaa olaanaadhaan furamuu kan qabu ta'uu dubbatu. Gama kanaan biiroo adeemsa dhiheessiifi raabsaa qorichaa dijitaalkeessuuf yaalii taasisaa jiraachuufi hordooffii cimaa taasisuuf qophiitti jiraachuu kaasu.

Qulqullina, gahumsaafi naamusa ogeessota fayyaarrattis hojiin hojjetamu cimuu akka qabu himanii, yoo kana ta'e tajaajilli deddeebi'anii yaalamuu lakkoofsaan qofa osoo hintaane qulqullinaanillee daran dabaluu akka danda'u ibsu. Kanaaf qulqullina kenna tajaajilaarratti cimsanii hojjechuun barbaachisaa ta'uu kaasu.

Dhibeewwan daddarboo waliin walqabatees akka kanneen irranatti eeramanii miidhaa cimaa akka hingeesisneef keessumaa hojii qulqullina naannawaafi dhuunfaa eeguu caalaatti fooyyessaa deemuu akka barbaachisu himanii, waliigala hojiileen hojjetaman milkaa'uuf hirmaannaa hundaa waan gaafatuuf hunduu gaheesaa akka ba'atu waamicha dhiheessu.



Fuulli kun walta'iinsa Ministeera Fayyaafi Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin torban lamatti altokko kan dhihaatuudha

Weerara busaa akka haaraatti mudate dhaabuuf

Yeroo ammaa kana dhukkuboonni bookee busaan daddarban biyya keenyaafi biyyoota Afrikaa biroo keessatti bal'inaan mul'achuu eegaluu isaa ni beekama. Akka fakkeenyaattis dhukkuba 'dengue fever, chikungunyaafi yellow fever' biyya keenyatti mul'achuusaati. Ammallee rakkoo guddaan daa'imman Afrikaa hedduu ajjeesaa jiru busaa ta'uun ni beekama.

Busaan weerara ittifamuu danda'u ta'ullee dhibeen kun miliyoonota dhukkubaafi du'aaf saaxiluu ittifuera. Dhibichi omishummaa hir'isuu bira darbee biyyas baasii guddaaf saaxilaa jira.

Mootummaan Itoophiyaa dhaabbilee deeggartootaa wajjin ta'uun waggoota kurnan lamaan darbanitti dhukkubaafi du'a sababa dhibee busaatiin dhufu hir'isuun danda'amee ture. Kanarraa ka'uun duula, "ALA bara 2030tti weerara busaa ittisuurraa balleessuu" jedhuttis seenameera. Kanaanis tatamsa'ina dhibichaa %40 qaqqabsiisuu danda'amee jira.

Haa ta'u malee, bara 2020 irraa eegalee hanqina dhiyeessii sababoota koviid-19, jijjiirama qilleensaa addunyaafi walitti bu'iinsaatiin weerari busaa deebi'ee mul'ateera. Rakkoo kana irra aanuun biyyi keenya sadarkaa dhukkuba busaa dhabamsiisuuf irra turtetti deebisuuf karoori cimaan waggaa sadii qophaa'ee hojiirra ooleera. Konfiraansiin idiladdunyaa tattaaffii kana deeggaru Itoophiyaatti qophaa'ee ture.

Sagantaa to'annoo bookee busaarratti xiyyeeffachuun Afrikaatti to'annoo busaa

guddisuu

Dhukkubni busaa biyyoota addunyaa gara 100 keessatti dhabamsiifameera ykn hir'ateera; sadarkaa balaa fayyaa ykn ba'aa dinagdee hamaa ummata irratti hintaanerras gaheera. Kunis kan danda'ame hawaasni naannawaasaatti bakkeewwan bookeen busaa itti walhortu dhabasiisuu danda'uusaatiini. Kunis biyyoota baay'ee keessatti hojiirra oolfamaa jira.

To'annoo bookee busaa cimaa dhibuusaatiin guyyaatti daa'imman umuriinsaani waggaa shanii gadi ta'ee fi dubartoonni ulfaa tilmaamaan xiyyaara afur guutuu dhukkuba busaatiin lubbuunsaniin ni darba.

Bookee busaa to'achuuf kalaqaafi argannoo haaraa

Konfiraansi To'annoo Bookee Busaa Idiladdunyaa 9ffaa dhiheenya Itoophiyaatti gaggeeffamerratti kalaqawwan adda addaa bookee busaa to'achuufi dhabamsiisuuf gargaaran dhiyaataniiru.

Konfiraansi cinaatti egzibishiniin teknolojiwwaniin kan adeemsifame yoo ta'u, achirrattis, bookeen busaa osoo ilbiisa balaliitu hinta'iin dhabamsiisuu kan danda'u dhihaateera. Teknolojiin haaraan kunis sumiilaarvi jedhamuun gabaaf kan dhihaateedha. Omishichi bal'ina seentimeetira 5.5 kan qabu yoo ta'u, bookeen busaa akka walhinhorreeff faayidaa olaanaa qaba.

Meeshaa kanas bishaan liitira 40 hanga

500 keessa kaa'uudhaan fayyadamuun ni danda'ama. Diskiin kun bishaan jala taa'ee yeroo dheeraaf keemikaala biifachuun akka bookeen busaa hinhorre taasisa. Yeroo dheeraaf bishaan keessa taa'ee keemikaala bookee busaa ajjeesu facaasuu kan danda'u yoo ta'u, yoo bishaanicha geeddaruun barbaachisellee tajaajillisaa adda hincitu.

Omishni kun biyya keenyattis kan yaalame yoo ta'u, kanas Yunivarsiitiin Jimmaa naannawa Awaashitti yaaleera. Kanaanis meeshichi bu'aaqabeessa ta'uun mirkanaa'eera.

Filudoraa Fiwuzin: Kun akaakeewwan keemikaalaa lama walitti makuun kan biifamuu yoo ta'u, keessattuu bookeewwan busaa keemikaala idileetiin baduu didan balleessuuf humna olaanaa kan qabuudha. Kunis biyyoota 16 keessatti kan yaalame yoo ta'u, hanga ji'oota 12tti naannawa bookee busaarraa ittisu danda'a.

'IK Vector Control Spryer': Omishni kun ammoo meeshaa haaraa keemikaala bookee busaa biifuu danda'uudha. Faayidaan meeshaa kanaa inni guddaan yeroo keemikaalli biifamuu bakki hundi guutummaatti keemikaala akka argatuuf kan qophaa'edha. Kana malees, qabannaaf salphaafi mijataa, naannawa kan hinfaalle, haala salphaan fayyadamuufi suphuu kan dandeessisuudha.

Oliset Plus: Saaphana siree bifa haaraan hojjetame yoo ta'u, akka kanaan duraa keemikaala kan cuuphamu osoo hintaane, meeshumtichi keemikaalaan makamee hojjetamuusaati. Saaphanni siree kun irra

deddeebiin yoo miiccame keemikaalli waliin hojjetame yeroo dheeraaf bookee busaa ajjeesuu danda'a.

'Oxitic': Omishni kun saanduqa pilaastikii bookee busaa horsiisudha. Kunis hanqaaquun bookee busaa ittiguutamee kan dhufu yoo ta'u, bookeewwan yaa'an hundi korma akka ta'an kan taasisuudha. Haala kanaan bookee busaa korma baay'inaan horsiisuun suuta suuta isheen dhaltuu akka baddu taasisuudha.

Omishni kun yeroo ammaa Birazil keessatti qoratamaa kan jiru yoo ta'u, dhaabbatiichi qorannoo kana biyya ollaa keenya Jibuutiitti gaggeessuuf mootummaa Jibuuti irraa hayyama eegaa akka jiru dhiheenya kana beeksiseera.

Talaalii abdachiisaa dhibee busaa

Dhukkuba busaa ittisuuf hojiilee hedduun hojjetamaniiru. Qorichoonniifi tarkaanfiiwwan biroo fudhatamanis sadarkaa idiladdunyaatti busaan akka hir'atu taasisseera. Ta'us bu'aan kun yeroo dhihoo as hir'ataa dhufeera. Kanaaf talaaliin dhibee busaa ittifuufiinsaani ittisu barbaachisaa ta'ee argameera.

Amma waraana busaarratti adeemsifamuuf meeshaa haaraan argameera. Talaaliin duraa busaa ittisu ifoomeera. Talaaliin kun waggaaatti daa'imman kumoota kudhanitti lakkaa'aman oolchuu akka danda'u itti amanameera. Dhaabbanni Fayyaa Addunyaas tajaala busaa ittisuuf abdatame kana raggaasiseera.

"Barataa hundi qormaata..."

ilaalchisee Doktor Nagarii Leencoo waliin turtii taasisseera.

Akka isaan jedhanitti, rakkoo qulqullina barnootaa keessaa ba'uun dhimma falmiif dhiyaatu miti. Ta'us qulqullinni barnootaa hojii halkan tokkotti keessaa ba'amu miti. Bara darbe barattoota kutaa 12ffaa qormaataaf taa'an keessaa kanneen qabxii darbiinsaa galmeessisan dhibbantaa 3.3 ta'uun rifaatuu guddaa uumee ture. Baranas osoo hanga tokko fooyyeen eegamuu inumaayyuu gara dhibbantaa 3.2tti gad bu'eera.

Dhimmi ijoon barataan kanaan dura hanga

kutaa 10ffaatti sadarkaa 1ffaa-10ffaa ba'aa turan maaliif akka qormaata kana kufan, haala kamiin baratani sadarkaa keessa akka turan, manneen baroota sadarkaa guutummaatti jedhamuun qormaata kanatti milkaa'an maal hojjetanii akka milkaa'an ifa ta'uu qaba jedhanii; barataa dhibbantaa 96 ol qormaata kufe callisaanii bira taruun balaa waan qabuuf sababaafi furmaati qorannoorratti hundaa'ee ummataaf dhiyaachuun dirqama ta'uus hubachiisaniiru.

Kufaatiin mudate cabiinsa sirni barnoota biyyattii keessa jiru kan mul'isuufi bu'aa qoodafudhattoota hundaati kan jedhan

Doktor Nagarii; Ministeerri Barnootaa addatti ittigaafatama dachaa qabaachuu jala sararaniiru. Ilaalcha siyaasaatiin ittigaafatama ofii moggaatti dhiibuun bu'aa waan hinqabneef qorannoo walabaatiin gola ofii ilaaluun barbaachisaadhas jedhan.

Sababaafi kufaati qabxii qormaataa biyya mudate kana qorannoo walabaan alatti kana jedhanii dubbachuun angoo koreesaanii akka hin taane himanii; hanqinni meeshaalee barnootaa, qormaataaf barataa bakka tokkoo bakka birootti geejibsiisuun, manneen barnootaa tokko tokkotti barsiisaan akaakuu barnootaa barateen ala barsiisuun, ittigaafatamummaa ofii qixa

sirriin ba'uu dhabuufi rakkoon nageenyaa gumaacha akka qabu tilmaamuun ni danda'ama jedhaniiru.

Yaaddoo barsiisotni dhaabbilee barnoota olaanaa qabani ilaalchisee Doktor Nagarii akka jedhanitti; barattootni kufuun barsiisotarratti dhiibbaa kan uumu miti. Barattootni darban hundi yuunivarsiitii seenuu. Dabalataanis barana barattootni bara darbe qormaata kufan kuma 100 ta'anis rimeediyaaliin yuunivarsiitii ni seenu. Inumaayyuu qulqullina barnootaa mirkaneessuufi hojii barsiisotaa yoo salphise malee dhiibbaan inni barsiisotarratti fidu akka hinjirre eeraniiru.

Raayyaa Ittisa Biyyaa...

Raayyaan Ittisa Biyyaa Kaayyooowan sadii; nagaya jiru eegsisuu, nagayaa bade deebisuufi isa deebi'emmoo jabeessuuf jiraata jedhanii, raayyichi yeroo mootummaan jijjiiramullee kan hinjijjiiramneedha jechuun ibsan.

Raayyaan Ittisa Biyyaa, Itoophiyaa bira darbee biyyoota Afrikaa birootiif gaachana, mallattoo nageenyaafi misoomaa akka ta'uuf riiformiin gaggeeffameera kan jedhan Doktor Abiyyi, baay'ina miseensaa dabaluu fi hidhannoo ammayyaa hidhachiisuuf xiyyeeffannaan hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Raayyaan Ittisa Biyyaa kan Paartii Badhaadhinnaa miti jedhanii, raayyichi deeggartuu enyuuyyuu otoo hintaane, humna birmadummaa biyyaafi lammiileesaatiif qofa kan dhaabbateefi ilaalcha tokko qabu horachuun danda'ameera jedhan.

"Raayyaan Ittisa Biyyaa kan gurmaa'e lammiilee Itoophiyaatiini, kan hogganamus lammiileedhuma Itoophiyaatiifi. Yaadni 'Yommuu jiraannu Itoophiyaanota; yommuu lubbuun darbinu Itoophiyaa taana' jedhu caalaatti kan ibsu raayyaa ittisaati" jechuun ibsaniiru.

Itoophiyaan biyya kamuu weerartee hinbeektu, gara fuulduraattis hinweerartu kan jedhan Doktor Abiyyi biyyoota biroo waliin dhimma misooma waloorratti cimtee kan hojjetu ta'uu eeraniiru.

Raayyaan Ittisa Biyyaa Itoophiyaa sadarkaa Afrikaattis ta'e idiladdunyaatti nagaya mirkaneessuuf akkuma kanaan duraa hojiisaa kan ittifufu ta'uus eeraniiru.

Shuumiin Ittaamaajoorii Raayyaa Ittisa Biyyaa Fiildi Maarshaal Birhaanuun

Juulaa gamasaaniitiin akka dubbatanitti, jijjiiramaa as, raayyaa loogii, sabummaafi siyaasarraa bilisaafi birmadummaa biyyaa gahumsaan kabachiisuu danda'u horachuun danda'ameera.

Raayyaa heeraafi sirnasaa eeguun, nageenya Itoophiyaa kabachiisuuf qabsaa'u ijaaruun danda'ameera kan jedhan Fiildi Maarshaal Birhaanuun, raayyichi haleellaa irratti aggaammamu hunda fashaleessuun birmadummaafi daangaa biyyasaa kabachiisuuf gahumsa sirriirratti argama jechuun dubbataniiru.

Aangoon siyaasaa kan argamu karaa heerri biyyattii eeyyamuun qofa jedhanii, aangoo argachuuf sochiin hidhannoon taasisamuu biyya diiguufi gatiin kaffalchiisuun ala bu'aa biraa kan hinqabne ta'uu ibsaniiru.

Ummanni Itoophiyaa ijaarsa biyyaafi

misoomarratti xiyyeeffachuun hiyyummaa jalaa akka ba'uufi jireenyisaa akka fooyya'u akkasumas Itoophiyaan akka badhaatu taasisuuf shoorri raayyichi taphachaa jiru olaanaa ta'uus Fiildi Maarshaal Birhaanuun eeraniiru.

Guyyaan Raayyaa Ittisa Biyyaa seenaa biyyattii keessatti guyyaa Ministeerri Waraanaa ittihundaa'e bara 1900fi ka'umsa godhachuun yeroo 116ffaa kan kabajame yoo ta'u, ministirri raayyaa ammayyaa jalqabaa, Fitaawuraarii Habtagoorgis Dinagdee (Abbaa Malaa) ittifilataman sababeffachuun kabajama jedhan.

Sirnicharratti gaggeesitoonni waraanaa Ugaandaa, Jibuuti, Sudaan Kibbaa, Taanzaaniyaa, Afrikaa Kibbaa akkasumas attasheewwan loltuu biyyoota addaddaa argamaniiru.